



Mootummaan rakkoo nageenyaa naannicha keessa jiru araaraan xumuruuf karra nageenyaa bane ammas hincufne

Kutaa Qophiitiin

Rakkoo nageenyaa Naannoo Oromiyaa keessa jiru araaraan xumuruuf mootummaan karra nageenyaa bane ammas akka hincufne Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa ibsan.

Obbo Shimallis ergaa miidiyaa hawaasummaa dabarsaniin karri nageenyaaf bame ammalee banaa ta'uu kaasaniiru.

Rakkoo nageenyaa naannoo



Pirezidaantii MNO Obbo Shimallis Abdiisaa

keenya keessatti uumamaa ture araaran hiikuun nagaa buusuuf, mootummaan yaaliiwwan walirraa hincinne taasisaa turuunsaa niyaadatama. Yaaliiwwan araraan nagaa buusuuf taasifamaa turan, shira qaamoleen adda addaa biyya keessaafi alaa xaxaa turaniin osoo hinmilkaa'in hafuun isaas ni beekama jedhan Obbo Shimallis ergaasaaniin.

Haata'u malee, rakkoo nageenyaa naannoo **Gara fuula 14tti**



Inistiitiyuutiin Qorannoo Qonnaa Oromiyaa Sanyii haaraa 34 qorannoon mirkaneessuun akka hojiirra ooluuf gadi lakkise

Kutaa Qophiitiin

Inistiitiyuutiin Qorannoo Qonnaa Oromiyaa Sanyii haaraa 34 qorannoon mirkaneessuun akka hojiirra ooluuf gadi lakkisuu Daarikteerri IQQO Obbo Tashoomee Boggalaa ibsan.

Inistiitiyuutiin Qorannoo Qonnaa Oromiyaa sanyii haaraa oomishtummaan isaanii olaanaa ta'e 34 bu'a qabeessummaa isaanii qorannoon mirkaneessuun akka hojiirra oolaniif fooramii Abbaa Taayitaa Qonna Itoophiyaatiin akka biyyaatti sanyii gadi-lakkisuuf Bitootessa 26-27/2016 Magaalaa Bishooftuutti qophaa'e irratti sanyiiwwan fooyya'oofi haaraa midhaan nyaataa 27 **Gara fuula 14tti**

Naannoo Oromiyaatti Qonna Arfaasaa bara kanaatiin lafa hektaar miliyoona 1.3 misoomuuf qophaa'uu Biiroon Qonna Oromiyaa ibse

Kutaa Qophiitiin

Naannoo Oromiyaatti Qonna Arfaasaa bara kanaatiin lafti heektaarii miiliyoona 1.3 midhaan gosa adda addaatiin misoomuuf qophaa'uu Biiroon Qonna Oromiyaa ibseera.

Hoogganaa Itti Aanaan Biiroo Qonna Oromiyaa Obbo Bariisoo Fayyisaa Godina Boorana Bahaa Aanaa Liibanitti argamuun qonna arfaasaa bara kanaa wayita gaggeessan akka



jedhanitti Naannoo Oromiyaatti bara kana lafa heektaara miiliyoona 1.2 qonna arfaasaan misoomsuun callaa kuntaala miiliyoona 28fi kuma 200fi



kuma 1fi 715 argachuuf karoorfamee lafti heektaarii miiliyoona 1.3 qophaa'uu himaniiru.

Obbo Bariisoon **Gara fuula 14tti**

Magaalaa Baatuutti piroojektoonni misoomaa garaagaraa qar.mil. 272 oliin hojjetamaa jiraachuun ibsame

Galaanaa Kumarraatiin

Bulchiinsa Magaalaa Baattuutti bara kana piroojektoonni misoomaa garaagaraa qarshii miiliyoona 272 oliin hojjetamaa jiraachuu Bulchiinsi magaalichaa beeksiseera.

Hojii Geggeessaan Mana Qopheessaa Magaalichaa Obbo Quufaa Gabawoo ibsa addatti Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaaf kennaniin, bara kana magaalichatti piroojektoonni misoomaa garaagaraa 29 bajata Mana qopheessaa magaalichaa, bajata



Mootummaa Naannoofi Federaalaa akkasumas hirmaannaa ummataa walumatti qarshii miliyoona 200fi miliyoona 72 oliin hojjetamaa jiru

jedhaniiru.

Haaluma kanaan, piroojektoonni haaraa 18fi kan bule 1 walumatti piroojektoonni 19 bajata Bulchiinsa magaalichaa qarshii miliyoona 103'n hojjetamaa jiran keessaa 17 yeroo ammaa raawwiinsaanii % 95 rra ga'eera, 2 ammoo % 20 irra akka jiran dubbataniiru.

Piroojektoonni hojjetamaa jiran kunneenis iddoo magariisummaa magaalaa 7, inisheetiivii Industirii Goduu, Waajjiraalee **Gara fuula 14tti**

Waltajjiin komataafi komatamaa walitti fiduun rakkoo bulchiinsa gaarii furaa jira jedhame

W/K/Magaalichaatiin

Waajjirri Kominikeeshinii Bulchiinsa Magaalaa Walisoo komii hawaasni magaalichaa gama humna ibsaan qabu furmaata akka argatuuf waltajjii fuulleefi fuullee qopheessuun komataafi komatamaa walitti fiduun gaaffilee hawaasni kaasuuf deebiin akka kennamu taasiseera.

Itti gaafatamtuun Waajjira Kominikeeshinii Bulchiinsa Magaalaa Walisoo Aadde Baay'isee Kabbadaa sagantaa **Gara fuula 14tti**

Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata

Gumaata



Qonnaan bulaaf

Barii isa barraaqaa
Iyya andaaqqoo duraa
Dallaa sangootasaa
Baneetuu gadi baasaa
Shaanqoofi doobbaasaa
Ardaatti yaasee
Ollaa onnachiisee
Maatii lafaa kaasee
Miyasaa fudhatee
Gara hojiisaa dhaqa
Sobuufi dabsuu hin beeku
Kansaa dubbiin haqa
Karaa sirrii deema
Tasuma irraa hin maqu
Lafa dhugaa malee
Lafa dharaa hin dhaqu
Jechaafi gocha namaa
Bira darbee obsee
Tattaafatee bula
Dafqa ofii cobsee
Dugdaa itti citaa
Lafa tattaraaree
Biyya jiraachisa
Beellarraa baraaree
Kan isaan jiraatu
Alaa itti kooraa
Kaan boruuf gumaachaa
Maatiifi biyya sooraa
Qotuu itti dhiisee
Yoom boqotee beeka
Qonnaan bulaan ciisee?
Jalaa hin dhagahani
Miidhamees yoo iyyuu
Qonnaan bulaa kiyyaa
Siin harganti biyyuu
Gooticha misoomaa
Ati keessa kootii
Rabbii guddaa gaditti
Qonnaan bulaan mootii
Gaaf beelaafi rakkinnaa
Isa biyyaaf falaa
Qonnaan bulaa keenyaaf
Kabajaatu malaa!

*Tamasgeen Tafarraa,
Qellem Wallaggaa, Waajjira
Kominikeeshiinii Aanaa
Yemaaloogii Walalirraa*

Anummaa ykn ana qofaa jechuun

- Anummaan (Ego) diina barachuuti. Yeroo anummaa keenyarratti garmalee xiyyeeffannu namoota biroorraa barachuu hin dandeenyu. Anummaan akka waan hundumaa dursinee beekneetti akka yaadnu nu taasisa.
- Anummaan diina kalaqaati. Yeroo waa’ee anummaa ofii keenyaa garmalee yaadnu yaada haaraadhaaf banaa hin taanu. Yaadni mataa keenyaa isa hundarra caalu jennee akka yaadnu nu taasisa.
- Anummaan diina hojii gareeti. Yeroo garmalee anummaa keenyarratti xiyyeeffannu namoota biroo wajjiin akka gaariitti hojjechuu hin dandeenyu. Isaan waliin wal tumsuu dhiisnee isaan waliin dorgomuurratti akka xiyyeeffannu nu taasisa.
- Anummaan diina milkaa’inaati. Yeroo garmalee anummaa keenyarratti xiyyeeffannu kaayyoo keenya galmaan gahuu hin dandeenyu. Hojii mataa keenyaarratti xiyyeeffachuu mannaa namoonni biroo waa’ee keenyarratti maal akka yaadan yaadda’uurratti xiyyeeffanna.
- Anummaan diina gammachuuti. Yeroo garmalee anummaa keenyarratti xiyyeeffannu gammachuu argachuu hin dandeenyu. Namoota biroo wajjiin wal bira of qabuun ga’umsa akka waan hin qabneetti akka nutti dhaga’amu godha.
- Anummaan diina hariirooti. Yeroo garmalee anummaa keenyarratti xiyyeeffannu hariiroo fayyaalessa qabaachuu hin dandeenyu. Ofii keenyaaf dursa kennuufi fedhii namoota biroo ilaaluu dhiisuurratti garmalee qabamnee akka jiraannu godha.
- Anummaan diina nagaati. Yeroo garmalee anummaa keenyarratti xiyyeeffannu nagaa argachuu hin dandeenyu. Namoonni kaan maal akka nutti yaadaniifi namoota biroo biratti akkamitti akka nu ilaalanirratti garmalee yaaddofna.
- Anummaan diina bilisummaati. Yeroo garmalee anummaa keenyarratti xiyyeeffannu bilisa ta’uu hin dandeenyu. Namoota biroo of mirkaneessuu akkasumas akka isaan nurraa eeganitti jiraachuu akka qabnuutti garmalee nutti dhaga’ama.
- Anummaan diina gara laafinaati. Yeroo garmalee anummaa ofii keenyaarratti xiyyeeffannu namoota biroo gara laafina qabaachuu hin dandeenyu. Waa’ee ofii keenyaafi rakkoo ofii keenyaa yaaduun garmalee qabamnee akka jiraannu nu taasisa.
- Anummaan jireenya keessatti waan gaarii ta’e hundumaaf diinadha. Yeroo garmalee anummaa keenyarratti xiyyeeffannu, wantoota gaarii jireenya keessatti mul’atan argachuu hin dandeenyu. Waa’ee ofii keenyaafi rakkoo ofii keenyaa yaadda’uudhaan garmalee qabamnee akka jiraannu nu taasisa.

*Kanan dubbiserraa
Roobeeraa Qannoo, Waajjira Kominikeeshiinii Magaalaa
Dambidoolloorraa-Qellem Wallaggaa*

Hospitaala Baatuutti tajaajila . . .


itti yaalamuufi yaalii daa’immanii itti taasifamu qormaata guddaa ture; amma garuu, dareewwan dabalataa adda addaa ijaaramuun baay’ina tajaajilamaa hospitaalachatti dhufaa jiruun wal-gituu baatus tajaajilli kennamu kan duraarra baay’ee fooyya’ee jiraachuu dubbataniiru.

Komii dhiyeessii qorichaan walqabatee jiruu furuufis inisheetiivii jalqabameen manni qorichaa hawaasa jalqabameera, tajaajilli Raadiyooloojiis kana dura kennamaa kan hin turre yeroo ammaa eegaleera, tajaajilli bakka tajaajila baqaqasanii yaaluu duratti tokko qofa tures yeroo ammaa lamatti guddateera, tajaajila daa’imman reefuu dhalataniirrattis bakki tajaajilaa addatti waan qophaa’eef jijjiirama gaariitu jira jedhan Dr.Baqqalaan. Ogeessota muraasa rakkoo naamusaa qabaniifis gorsi kanneefii jira, kanneen deebi’ii hin dandeenyerrattis tarkaanfiin akka fudhatamu taasifamuu himaniiru. Akka waliigalaatti baay’inni tajaajilamaa amma dhufaa jiru humna hospitaalachaa ol dabalaa waan jiruuf qulqullinarratti rakkooleen ni jiru. Ta’uus, fooyya’insa guddaatu jira. Caalaatti fooyyeessuuf ammoo hojjetamaa jira jedhan. Itti quufiinsa maamilaa dabaluurrattis jijjiiramni gaariin akka jiru dubbataniiru.

Walumaa galatti hospitaalachatti kenninsa tajaajila fayyaa fooyyeessuuf hojileen inisheetiiviin jalqabaman fooyya’insa gaarii argamsiisaa jiru. Ta’uus, dhimmi qulqullina hospitaalachaaifi bakka tajaajilaa baay’ina ummata hospitaalachatti tajaajilaaf dhufaa jiruun wal-gitu babal’isuu ammas xiyyeeffannaan hojjechuu barbaada.

Dhukkuboota daddarboo garaa garaarratti hawaasni hubannoo argatee qulqullina naannoofi dhuunfaasaa akka eeggatuuf hojiin eegalame gaarii ta’ullee yeroon kun waqtiin Arfaasaafi Gannaa seenaa waan jiruuf dhukkuboonni dadadrboon adda addaa ka’uu malu. Kanaaf, ummanni qulqullina naannoofi dhuunfaasaa eeggachuun of eeggannoo barbaachisu gochuu akka qabullee dhaamaniiru.

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!



Bara 1986 hundeeffame

Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,

Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee

Addunyaa Hayiluu

Itti aanaa Gulaalaa Muummee

Masarat Amanaa

Leyi’aawutiifi Dizaayinii

Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa

Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Duudhaa walbira dhaabbachuufi waliif yaaduu daran cimsuun walooma keenya gabbisuu qabna

Hordofoonni Amantaa Islaamaa naannoo, biyya keenyaafi addunyaa guutuurra jirtan hundi бага аyyaana Eid Al-Faxirii Bara Hijraa 1445ffaa nagaan geessan, Eid Mubarek!

Baatiin Ramadaanaa kan guyyaa soomaan, halkan sagadaan dabarsan, kan Quraanni Rabbii itti qaraa’amu yeroo labsii nagaafi араaraati. Raahamata waliif yaaduu, kan beela’e nyaachisuufi maaddii waliin qooddachuun, kan daare uffisuufi kan dhibame gaafachuun, nagaafi nageenya buusuufi qaamaafi qalbiin wal bira dhaabbachuun qajeeltoo amantaa Islaamaa ta’etu beekama.

Baatiin Raamadanaa kan balballi jannataa itti banamtee balballi jahannamaa itti cufamtuufi ji’a Quraanni keessatti bu’e ta’uun adda isa taasisa. Hordofoonni Amantaa Islaamaa ji’a kabajamaa kana бага nagaan geessan бага waliin geenye jechuun barbaada.

Ayyaanni Sooma Hiikaa waggaan 1445^{ffaa}n Tibba Nagaafi Araara itti Labsinudha.Nageenyi bu’uura waa maraa ta’uu qajeeltoon amantaa Islaamaa ni labsa. Kanaafis hordofoonni amantichaa baatii kana keessa nageenya labsu, nageenyaaf dhaabbatu. Nageenya labsuun, nageenyaaf hojjechuun bu’uura waamaraa tahuufi tokkummaa ummata keenyaa hundee jabaa irratti dhaabuuf daran barbaachisaadha. Kanaaf ammoo abbootii amantaafi hordoftoota amantaa naannoo keenyaa hunda irraa ammas hojii guddaatu eegama.

Kabajamtoota hordoftoota Amantaa Islaamaafi uummatni naannoo keenyaa hundi walqixxummaa Amantaa heeraafi seera biyya keenyaatiin gonfannetti fayyadamaa, harka tokkoon nageenya mirkaneessaa, harka biraatiin ammoo misoomni rogdaneessi jalqabne libsuu ijaatiif boodatti akka hin deebineef xiiqiifi kutannoon hojjechuun dhimma egeree biyyaa dingadee jabaa irratti dhaabuufi biyya badhaate dhaloota dhaalchisuuti.


Mootummaan Naannoo Oromiyaas yeroo kamuu caalaa biyya keenya keessatti nageenya waaraan akka jiraatuuf, dinagdeen dandamataa qilleensaan hin raafamne akka lafa qabatuuf, wal qixxumman amantaa akka mirkanaa’u, namni kamuu daangaa mirga seeraafi uumamaan qabu keessatti ifaafi bilisaan hojjetee guddina biyyaas tumsaa jiruufi jireenya isaas akka jijjiiruuf kutannoon hojjachaa jira.

Imalli jijjiiramaa rogdaneessi eegalle abdachiisaadha; biyyi ijaaramaa jirtus hundarraa, hundaafi hundaan waan ta’eef bu’uura cimaa hin raafamne irratti jabeessaa jirra. Kun ammoo hunda keenyaaf Injifannoo guddaadha.

Nageenya naannoo keenyaa mirkaneessuuf mareefi marabbaa cimsuun dhimma filannoof dhihaatu miti. Kanaafuu qaamoleen walittis tahe ormatti mufatanii manarra bosona, mareen dubbii hiikuurra qawween dubbii jabeessuu, uummataaf nagaа buusuurra nageenya uummataa booressuu, bu’uuraalee misoomaa jajjabeessuurra barabadeessuu, jaalalaan ce’uurra jibbaan xaxamuu filatanii tokkummaa Oromoo laaffisuuf waxxifatan hundi gocha isaaniitti gaabbanii waamicha Mootummaan Naannoo Oromiyaa irra deddeebiin dhiheessu dhaga’anii nagaan gara qe’ee isaaniitti deebi’uun misooma biyyaaf akka tumsan irra deebiin waamichakoo dabarsuun barbaada. Kanaaf ammoo Mootummaan Naannoo Oromiyaa waan irraa eegamu hunda kan raawwatu ta’uun mirkaneessa.

Ummanni Muslimaas akkuma hiikoon Amantichaa nagaа jechuu ta’e, imala jalqabne galmaan ga’uun biyya keenyatti nageenya waareessuuf kutannoon akka hojjettan dhaamsakoon dabarsa.

Akkuma qajeeltoo amantichaa keessatti beekamu wayita ayyaana Eid Al-Faxirii kabajjan Zakaatul Faxirii nama rakkateef kennuun gammachiisuun cimee itti fufuu qaba jechaa ayyaanni kun kan nagaа, kan gammachuu, kan tokkummaan keenya itti jabaatu akka ta’u hawwaa бага nagaan geessan бага waliin geenye.



WAAJJIRA PAARTII BADHAADHINAA

DAMEE OROMIYAATTI WAAJJIRA

PAARTII BADHAADHINAA

DAMEE GODINA QELLEM WALLAGGAA

KELLEM WOLLEGA ZONE PROSPERITY PARTY OFFICE



Gamoon Waajjira Paartii Badhaadhinaa Qellem Wallaggaatti ijaarsifame eebbifame

W.K.Godinichaatiin

Gamoon waajjira Paartii Badhaadhinaa Godina Qellem Wallaggaa bajata qar.miliyoona 70 oliin ijaarame tibbana eebbifame.

Gamoon abbaa darbii sadii tajaajila Waajjira paartichaaf oolu kun hirmaannaa ummataa kan ijaarame yoo ta’u, bakka hoggantoonni Mootummaa sadarkaa federaalaa, kan naannoo, godinaalee ollaafi godinichaa argamanitti eebbifameera. Waajjira kanas kan eebbise jila hogganaa waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa obbo Fiqaduu Tasammaatiin durfamuuni.

Waajjirri eebbifame kunis Gamoo abbaa darbii sadii meeshaalee guutuu waajjiraa waliin yoo ta’u, qar. Miliyoona 70 oliin magaalaa Dambidoollootti kan ijaarsifamedha. Waajjirri kunis bakka keessummoonni garaagaraa argamanitti eebbisiisuun hojii akka eegalu ta’eera.

Itti gaafatamaan waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Godina Qellem Wallaggaa Obbo Badhaasaa Dhaabaa hawaasni qormaatilee mo’achuun injifannoo caalmaaf hojjechuu akka danda’u dhalootatti agarsiisuun danda’ameera jedhan. Gamoon kunis meeshaalee sadarkaa waajjirichaaf barbaachisu guutuu waliin tajaajilaaf akka oolu ta’eera jedhan.

Bulchaa Bulchiinsa Godina Qellem Wallaggaa Obbo Gammachuu Gurmeessaa ummanni Godinichaa karoora mootummaan qabameef galmaan gahaa jiraachuun cinaatti hirmaannaa isaan gamoo ijaaruun hojiif akka oolu ta’eera jedhan. Piroojektiwwan garaagaraa 875 ta’u, bajata mootummaafi dhaabbilee misoomaa adda addaan Godinichatti kaappitaala qarshii Biliyoona 11 oliin hojjetamaa jiru hawaasa kuma 100fi 62 ol fayyadamaa taasisa jedhan.

Obbo Fiqaduu Tasammaa Hogganaa Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa biyya kana keessatti qormaatileen baay’atanis injifachuun akka danda’amu agarsiifamee jira. Imala qabame milkeessuuf caalmaatti hojjetamuu qaba jedhan. Ummanni hirmaannaa isaan gamoo kana ijaaree hojiilee misoomaa biroorrattis cimsee itti fufu qaba jedhan obbo Fiqaaduun.

Sirna eebbaa kanarratti hirmaattonni argamanis hawaasni godinichaa fedhii misoomaa waan qabuuf hirmaannaa isaan Gamoo kana ijaarrate jedhan. Gara fuulduraattis hirmaannaa taasisuun gama hundaan tumsa barbaachisu gochuun kan caaluuf ni hojjenna jedhan. Dhumarrattis Paartiin Badhaadhinaa Oromiyaas maallaqaa qarshii Miliyoona 10 Waajjira paartii Badhaadhinaa Damee Godina Qellem Wallaggaatiif arjoomeera.

Beeksisa

Arsii

Caalbaasii Ifaa

Waajjirri Maallaqaa Godina Arsii Lixaa Meeshaalee Farniicharaa fi Electirooniksii Caalbaasii ifaatiin dhiyeessitoota gahumsaa,dandeettii fi ulaagaalee armann gaditti ibsaman guutuu danda’an Wal-dorgomsiisee bituu barbaada.

Bu’uuruma kanaa:-

1. Dorgomtoonni Caalbaasicha qoodamuuf **Eeyyama Hojii daldalaa** kan haaromee fi kanaafis Ragaa dhiyeessuu kan danda’u
2. Gibira Mootummaa kan bara 2016 kaffale kanaafis Ragaa dhiyeessuu kan danda’u
3. Dorgomtootni tarreeffama dhiyeessitootaa (supply List) keessatti galmaa’uu isaani waraqaa ragaa qabaachuu qabu.
4. Dorgomtoonni Caalbaasichaa Galmaa’aa lakk **TIN** fi VAT kan galmaa’ee fi kanaafis Ragaa dhiyeessuu kan danda’u
5. Ulaagaa sanada tarreeffama meeshichaa (Specification) keessatti ibsame guutee dhiyeessuu kan danda’u
6. Saamuda meeshaalee akkaataa Ispeesifikeeshinii (Specification) taa’een osoo caalbaasiin hin banamin dhiyeessuu kan danda’u
7. Dorgomaan kamiyyuu Maallaqa Kabachiisa Caalbaasii (CPO) Lotii 1ffaa Farniicharaaf qarshii **200,000.00** (kuma dhibba lama) Lootii 2ffaa Elektironiksiif qarshii **100,000** (kuma dhibba) **Maqaa Waajjira Maallaqaa Godina Arsii Lixaatiin** ykn Baankii Daldala Itoophiyaa Lakk. Akk. 1000018917107 tti galii godhuun CPO mirkanaa’een Sanada Caalabaasii Orijinaala teekinikaa waliin dhuyeessuu qaba.
8. Dorgomtoonni Guyyaa Beeksifni kun bahe irraa eegalee guyyoota Hojii hunda Saa’atii hojiiitti Sanada Caalbaasichaa Waajjira Maallaqaa Godina Arsii Lixaa kutaa **Lakk 10**tti dhiyaatuun Qarshii **200 (dhibba lama)** kan hin deebine galchuun bitachuu kan danda’an ta’uu
9. Dorgomtoonni sanada isaanii irratti maqaa fi teessoo guutuu isaanii akkasumas Chaappaa dhaabbatichaa qajeelatti barreessanii mallatteessuu qaba.
10. Injifataan Caalbaasichaa bu’uuruma qajeelfama dorgomtootaatiin akka xalayaan Injifannoo barreeffamaan isaa ibsameen kabachisiisa 10% waliigaltee qabsiisuu qaban hunda qabsiisuun waliigaltee waajjiricha waliin mallatteessuu qaba.
11. Dorgomtoonni sanada Teekinikaa fi sanada Faaynaansii dorgomichaa kophaati Poostaa maqaan hapheeffameen gochuun Orijinaalaa fi koppii galchuu qaba.
12. Yeroon turtii sanadichaa Guyyaa **03/082016** irraa hanga Guyyaa **01/019/2016** yoo ta’u sanada Caalbaasichaa Waajjira Maallaqaa Godina Arsii Lixaa Lakk 10tti argamu yoo ta’u guyyaan sanadichi itti banamu02/09/2016 ta’ee sanadichi ganama keessaa Saa’aa **04:30** irratti saanduqni saamsamee guyyama kana saa’aa **05:00** irratti dorgomtoonni ykn bakka bu’oonni seera qabeessa ta’an argamanitti Caalbaasichi ifaan banama.
13. Waajjirichi Filannoo addaa yoo argate Caalbaasicha guutuun guututti ykn gamisaan haquu ni danda’a. **Odeeffannoo Dabalataa Lakk. Bililbilaa . 046 110 0723 ykn 046-1103812 Waajjirri Maallaqaa Godina Arsii Lixaa**

Obbo Gabayyoo Sulliitoo Magaalaa Shaashamannee ganda Awaashoo keessaa qaban waraqaan qabiyyee lafaa Lakk. Galmee 69253, Lakk. Kaartaa isaa 2180 ta’e lafa kaareemeetira 250M² irratti argamu sadarkaa iddoo 2ffaa tajaajila iddoo mana jireenyaa Lakk. iddoo -- dheerinni gamoo G+0 kan ta’e Kaartaa harka isaanii jiru waan jalaa badeef kan biraan bakka bakka buufamee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin kaartaa bakka buusnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaashamannee.

Aadde Fallaqech Girmaa Magaalaa Asallaa ganda 02 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 17834/7/2001 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa.

Aadde Qamariyyaa Nuuree Magaalaa Dodolaa ganda Madda Waabee Ollaa 12^{ffaa} keessatti qabiyyee lafaa Lakk. Kaartaa 290/Q-216/99 ta’e galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa.

Obbo Huseen Bariisoo Nuuree Magaalaa Dodolaa ganda Madda Waabee Ollaa 12^{ffaa} keessatti qabiyyee lafaa Lakk. Kaartaa 290/Q-216/99 ta’e galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa.

Baale

Caalbaasii

Kaffalaan taaksii Dhaabbata Afraa-Tsiyoon tiiksii qarshii 15,426,122 .13 (Miliyoona kudha shanii fi kuma dhibba afurii fi kuma diigdamii jahaaf dhibba tokkoof diigdamii lamaaf 13/100) kan irraa barbaadamu osoo hin kaffalin waan hafaniif teessoo isaanii godina Baalee Aanaa Gaasara Ganda Iluu Keerishaa kan ta’e qabeenya abbaa idaa taaksii Fuel Truck (1) Make China, Model Sino Plate No. 3-76063. akkaataa labsii bulchiinsa taaksii abbbaa taayitaa galiwwan oromiyaa lakk.203/2009 keewwata 43n aangoo kennameen caal-baasiin gurguruu barbaada.


1. Gatiin ka’umsa caal-baasii maashinichaa qarshii 5,000,000 (Miliyoona Shan)
2. Haala Caal-baasii Ragaa dabalataa Waajjira Galiwwan Godina Baalee fi Wajjira Galiwwan Aanaa Gaasara irraa argachuun ni danda’ama .
3. Dorgomtoonni gatii ka’umsaa caal-baasichaa keessaa (10%) mallaqa dheedhiin ykn CPOn dursanii qabsiisuu qabu .
4. Dorgomtoonni gatii meeshichaa ittiin bituu barbaadan ifatti lakkoofsaa fi qubeedhaan barreessanii poostaatti saamsuun teessoo Waajjira Galiwwan Aanaa Gaasaratti Guyyaa 08/08/2016 irraa hanga 15/08/2016 sa’aa’tii 4:00tti Waajjira Galiwwan Aanaa Gaasaratti kutaa lakk. Tokko (1) tti sanduuqa caal-baasiif qophaa’etti galchuu qabu .
5. Caal-baasichi gaafa guyyaa 15/08/2016 guyyaa keessaa sa’aatii 8;00 tti cufamee guyyaa 16/08/2016 guyyaa keessaa sa’aatii 4:00irratti dorgomtoonni ykn bakka bu’oonni seeraan bakka bu’ani fi abbaan qabeenyaas bakka argamanitti galma walgahii abbaa taayitichaatti ifaan banama .
6. Caal-baasicha abbaan mo’ate qarshii inni dursee kaffalee ykn CPOn qabsiise itti herreegamee fii gatii ittiin mo’ate guyyaa mo’achuun isaa ibsame irraa eegalee guyyoota 15 (kudhanii shan) keessatti kaffalee fixuudhaan qabeenyicha fudhachuu qaba.
7. Dorgomtoonni gatii meeshichaa ittiin mo’atan guyyaa kudha shan (15) keessatti kaffalee fixuu yoo baate qarshii wabiidhaaf qabsiise waajjirichaaf galii ta’ee caal-baasichi ni haqama .
8. Abbaan Taayitichaa caal-baasii kanaaf haala mijataa yoo argate gar-tokkeenis ta’ee guutumaa guututti caal-baasicha haquu ni danda’a.

Hubachiisa: Ibsa dabalataaf Lakk. Bilbil_0910287219 tiin hubachuun ni danda’ama.**Waajjira Galiwwan Aanaa Gaasara**

Iyyataan Obbo Nuuraddiin Aloo mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Tolasaa Dabalaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.

Obbo Abdulhafiiz She/Jamaal K/Amaan mana jireenyaa Magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Seerii -- kaartaan isaa -- ta’e Kaaree meetira 1000M² qabanirraa hirisanii 125M² ta’e Aadde Amiinaa Xaahaa Fatootti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf waan gaafataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee bultii 20 dura yoo hin dhiyaatin jijjiirraan kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Alii.

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Geega'oo-Aadaa Oromoon Siikkoo Mandoo Misirroo ittiin mana baasu

Oromoon Sikkoo Mandoo guyyaa fuudhaafi heerumaa intala qofa walii hin kennu; Geega’oo namaa fooya. Geega'oon kennaa maatiin guyyaa intallisaanii heerumtu cidharratti ishiif kennaniifidha. Maatiin guyyaa gaa’elaa san erga qabatanii booda kennaa qopheessanii intalasaanii heerumtu sanaaf kennu. Oromoota Siikkoo Mandoo biratti geega’oon guyyaa gaa’elaa misirroo heerumtuuf qabeenyi kennamu baay’inaan loonidha. Meeshaan manaa, uffata ishee, uffata mucaa fuudhuu, kan haadhaafi abbaa mucaa uffisanii kennuunis ni danda’ama.

Loon shamarri gaafa heerumtu kennamu kunis firaa fiixaarraa fooyama (kennama). Loowwan warri intala heerumsiisu kennu kunis gosa hedduu ta’uu danda’a. Yoo intalli heerumtu yookaan geega’oon kennamuuf maatii ofii biratti jaalalaafi kabajaa guddaa kan qabdu taate sa’a dorrobaa, goromsa silgaa, dhaltii waatii waliin, raaddaniifi jibooleen wal keessa makanii kennuufi. Abbaan intalaa yoo barbaade Faradoo itti dabalee fooyuun intalasaaf kennuu ni danda’a.

Yeroo durii geega'oodhaaf hanga loon 25 ta’an kan kennamu yemmuu ta’u, Yeroo ammaa garuu haala jiruufi jireenyaa waliin hangi loon kennamuu akka xiqqaataa dhufee fi irra caalaan uffataafi meeshaalee manaarratti akka fuulleffachaa jiranis maanguddoonni ni dubbatu.

Idaayyittiin (misirrittiin) daraboo ofii waliin baye bayee baafatti. Baye bayeen faaruu shamarraniifi dubartoonni guyyaa heerumaa wal jalaa qabanii faarsanidha. Faaruu kana keessatti jaalala waliif qaban, muuxannoo walirraa argatan, sodaa gidee (rakkoo) mana gurbaa itti heeruman sanirraa qaban fa’a ibsatu. Abbaan Idaayyaa (misirroo) heerumtuu akka loon sanyii gaarii kennuuf dhaamatu. Abbaa qofa osoo hin taane, Abbeeraa

(Obboleessa abbaa), Eessumaafi Akaakayyuun geega’oo akka kennaniif weedduun ibsatu.

Idaayyaan (misirroo) yeroo baye bayeedhaan loon abbaashii keessaa kan jaalattuufi geega'oon akka kennamuuf barbaaddu yoo jiraate, "Yoo gurriyyoo naa hin fooyinii, yoon du'ellee naa hin booyiinii " jechuun loon akka kennamuuf barbaaddu san maqaa dhoofttee ergaa dabarfatti. Hiriyoonna ishiis baye bayee yeroo faarsan waan geega'oos akkas jechuun weeddisu. "Abbeeraan abbaa keetitti aanuu, yookaa sii fooyaa booqaa" jechuun firri dhihoos akka loon intala heerumtu saniif kennaniif yaadachiisuun miira keessatti uumu.

Kennaan Geega’oo misirrodhaaf kennamu kun gaafa fuudhaafi heerumaa qofa kan raawwatamu yemmuu ta’u, guyyaa kana hamaamonni qe’ee warra Idaayyittii/misirriittii heerumtuu deemuuf, qe’ee gurbaatti yookan mucaa fuudhuutti damboobata. Damboobachuun milkii gaarii hawwu jechuudha. Imalaafi galarratti akka wanti gaariin isaan qunnamtu hawwu.

Yeroo damboobatan kanas waan jedhan qabu. “ Damboo, Dambo ballayyoo Damboobaa warra Soddee, Geega’oon anaa hortee, Geegayi waatii qabaa, Ganyaan ilmayyoo qabaa...” jedhanii hormaata loonii keessa damboobatu. Erga qe’ee Idaayyittii gahanii dhaaba dhaabaan (Afaan sirna cidhaati) garee gareen taa’anii Aannan guutuu, Foon diimina, Daadhii Bookaa waabaan dhuganii akka dafanii isaan galchaniif “ Aabbaa jarjaraa, na galchi Aduun galgalaa” jechuun akka isaan dafanii gaggeessaniif weedduudhaan kadhatu. Aabbaa kan jedhaniin kun nama intala heerumsiisudha.

Hamaamonni kunneen geega'oo ilaalchisees akkas jechuunis weeddisu;

"Loonii naa fooyi geega’oo eeehee
Koottuu fooyadhu maarree eehee
Aabbiyyoo бага hortee
Daawwattuun kosii kortee
Akka horteen itti bulii
Si faarfadhaa natti furii
Intaltummaan warra qabduu
Goshoo silgaa fooyu hindhabduu" jechuun ergaa geega'oo guyyaa san kennamuun wal qabatu dabarfatu.

Loon hedduu intala heerumtu saniif fuudhuufis akkas jechuunis hamoommatu.

"Mana manaa shaniin bahii,
Shantamumaan ana gahii,
Intaltummaan gosa qabduu
Geega'oo silgaa fooyu hin dhabdu
Biyya tiyyaa durba hin dhabnee
Gurra keetiif sitti gamnee
Waan gurraattii afaa jalaa, Waan gurraatiin sirraa galaa" jechuun weeddisu.

Dhumarratti, Loon geega’oo fooyamee; dallaa ykn moonaa loonii keessatti walitti qabama. Akkasiin hamaamonni soddaa faarsaa gara qe’ee gurbaa qajeela. Gurbaan fuudhu yoo duraan hiyyeessa ta’ellee guyyaa sanarraa kaasee Soorumni mana isaa seenti. Abbaa karraa; Abbaa Mooqaa Qorii ta’a. Walumaagalatti ummanni Oromoo sirna jabaa hawaas-diinagdeesaa ittiin cimsatu sirna boonsaa qaba. Kennaan Geega'oo kunis mala ummanni Oromoo ilmoonsaa erga bultii dhaabbatteen booda qabeenya horachuun yaaddoo tokko malee jiruufi jireenyasaanii akka gaggeeffataniif kan gargaaruudha.

Waajjira Kominikeeshinii Aanaa Adaabbaarraa

Finxaalessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!

Iyyattuun Aadde Dammituu Amanuu mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali`inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu She/Ahimad Xayyib Jeeyilaanitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Obbo Akiliiluu Girmaa mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali`inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu H/Siraaj H/Taasi’uutti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyattuun Aadde Qabballee Dhaqabuu mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali`inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Ibraahiim Huseen Mu’aalamitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Iyyataan Luba Salmoon Asfaawu mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali`inni lafa isaa 400M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu irraa hirisanii 200M² ta’e obbo Yoonas Yirgaxeetti waan gurgurataniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Jundii Amiin mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali`inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Umar Saaliihitti waan gurgurataniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Abbulee Nugusee mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali`inni lafa isaa 400M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu irraa hirisanii 250M² ta’e irratti argamu obbo Habtaamuu Hordofaatti waan gurgurataniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattuun Aadde Ayinaalam Nugusee mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali`inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Araggaa Cabbuudiitti waan gurgurataniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Luba Salmoon Asfaawu mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali`inni lafa isaa 400M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu irraa hirisanii 200M² ta’e obbo Abrahaam Tsaggaatti waan gurgurataniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Indaalaa Nugusee mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali`inni lafa isaa 400M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu irraa hirisanii 250M² ta’eirratti argamu obbo Dachaasaa Hordofaatti waan gurgurataniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyatuun Aadde Iteenesh Mokonnin mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali`inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Nagaheen Lakk. isaa 339134 kan ta’een muramee kennameef waan na jalaa badeef, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabatee jiru yoo, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate koppiin kan keessummeessinu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyatuun Obbo Giruum Caanniyaalewu mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali`inni lafa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Nagaheen Lakk. isaa 339135 kan ta’een muramee kennameef waan na jalaa badeef, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabatee jiru yoo, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate koppiin kan keessummeessinu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyatuun Aadde Gannat Mokonnin mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali`inni lafa isaa 250M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Aadde Kabbabuush Nuguseetti waan gurgurataniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Booranaa

Obbo Naggaa Shumee fi Aadde Wayinisheet Asaggid Mana Jireenyaa lakk.Kaartaa 2425/ BMN/01/01/02 ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa isaa 296M² irratti argamu dabarsanii Aadde Zahaaraa Jamaalitti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Obbo Toleeraa Waamii fi Aadde Addis Girmaa B/B Mulugeetaa Xigguu Mana Jireenyaa lakk. saayit pilaanii 6671/BMN/01/01/01 ta’e maqaa Obbo Toleeraa Waamiitiin Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Aadde Balaaynash Laggasaatti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Obbo Tigistuu Diliboo W/Mikaa’eel fi Aadde Buzunash Haayilee Yimar Mana Jireenyaa lakk. saayit pilaanii 2315/BMN/01/01/01 ta’e maqaa Obbo Tigistuu Diliboo W/Mikaa’eeltiin Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa isaa 359M² irratti argamu dabarsanii Amaanu’eel Tigistuu Dilboo, Sable Tigistuu Dilboo, Naataamiin Tigistuu Dilboo fi Eden Tigistuu Dilbootti kenneera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Buunnoo Beddellee

Obbo Yeyyis Yesigaat mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramuu Gootaa) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk.Kaartaa isaa L-0530/2009 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 200M² irratti argamu Obbo Adinoo Balaayitti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Akaaluu Taddaseefi Aadde Itaafarraawu Taaddasee mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramuu Gootaa) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk.Kaartaa isaa 4404/2015 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 562M² irratti argamu mana Kirstaanaa Ortodooksii Tewaidoo Itiyoophiyaa Waldaa Qulqulloota Wiirtuu Beddelleetti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Aadde Raahel Zawudee mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01 (Shuuramuu Gootaa) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk.Kaartaa isaa M-Q 2978/2005 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 180M² dabarsanii Aadde Masarat Geetaachootti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Isheetuu Baqqalaa mana jireenyaa Godina Bunnoo Beddellee Aanaa Gachii ganda 01 zoonii Dangawaaj keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk.Kaartaa isaa MML- 0388/2014 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa ---- dabarsanii Obbo Zaakir Suleemaan fi Obbo Biyyaa A/Maccaatti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gachii.

Gujii

Obbo Charinnat H/Maariyaam mana daldalaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arabaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 245.20M² ta’e irratti argamu baka bu’ummaadhaan Obbo Darajjee Charinnat dabarsanii Obbo Salmoon Geexuutti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Mitikkuu Beekkattee Gammachuu mana jireenyaa Lakk.isaa OR043010702009 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 7117/15 ta’e Addunyaa Ukulaa Maammootti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Fayyisaa Yaadasaa mana jireenyaa lakk.isaa OR003020209010 ta’e Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 250M² ta’e irratti argamu dabarsanii Aadde Immabeet Wulatawuutti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Hiwoot Tafarraa mana jireenyaa lakk.isaa OR003020103006 Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 324.5M² ta’e irratti argamu dabarsanii Obbo Addilee Dabaleetti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Dhaabbata Itiyoo Telekoomii Rijinii Kibbaatiif Bakka jirtanitti
Himataa Abdii Gurmeessaafi Himatamaa isin gidduu falmii qarshii jiru ilalchisee himatamaan mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 10/8/2016 sa’aatii 4:30 irratti mana murtiitti dhiyaattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti dhimmichi dhagahamee murtiin kan kennamu ta’uusaa ni beeksifna.M/M/OI /Go/Gujii

Obbo Araarsaa Dhaabaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 400M² ta’e irratti argamu dabarsanii Obbo Didhaa Damiseetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Dubbaalee Mindaayee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 200M² ta’e bakka bu’ummaadhaan Obbo Wandimmuu Alamaayyoo dabarsanii Obbo Balaachoo Sifiriitti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!

Obbo Ermiyaas Geetahuun mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 400M² irraa karee meetira 200M² ta’e dabarsanii Obbo Abbebee Daggifeetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Kadir Nagaash mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 435M² ta’e dabarsanii Obbo Halakee Gannaaleetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Harargee

Aadde Maymunaa Yuusuuf Shariif mana jireenyaa Magaalaa Ciroo Araddaa 03 keessaa qaban waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa Kaartaa Lakk. isaa 1/657/78 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraan bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa addaa addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 10 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachu baate kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta`uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Ciroo.

Iluu Abbaa Boor

Obbo Ijjiguu Daawwit Kaasaahuun mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Taboo keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4430/03/2016 ta’e Lafa bali`inni isaa 500M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 1^{ffaa} ta’e tajaajila iddoo R2 kan ta’e Obbo Solomoon Takkallinyitti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Algaanesh Alamuu mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Gaddisa Oodaa keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4358/02/2016 ta’e Lafa bali`inni isaa 390M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} ta’e tajaajila iddoo R1 kan ta’e Obbo Alii Bizaatti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Ibrihim Ahimad mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu ganda 01 Zoonii Bilbilaa keessatti Lafa kaareemetira 250M² irratti argamu Addamuu Shuguxuutti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Hurrumuu.

Obbo Ibrihim Ahimad mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu ganda 01 Zoonii Bilbilaa keessatti Lafa kaareemetira 250M² irratti argamu Obbo Indaalee Bekeleetti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Hurrumuu.

Obbo Geetaahuun Aragгаа mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu ganda 01 Zoonii A/Boorii keessatti Lafa kaareemetira 200M² irratti argamu Obbo Wanduu Girmaatti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Hurrumuu.

Aadde Araggaash Mokonnin mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa Dhu/683/2016 kan ta’e Obbo Taammiruu Yaadataatti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa A/Yaayyoo.

Obbo Xayib Guutamaa mana jireenyaa balbala tokko tajaajila (Coll) Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa 0222876 ta’e bali’ina lafaa 148.05M² irratti ijaaramee jiru Obbo Suleeman Maccaatti waan gurguraniif jijjiiraa maqaaf nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Obbo Ibiraahiim Bayyan mana jireenyaa balbala tokko tajaajila (Coll) Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa 0312188 ta’e bali’ina lafaa 271.625M² irratti ijaaramee jiru Obbo Abdee Jamaal’itti waan gurguraniif jijjiiraa maqaaf nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Obbo Abduu Maccaa mana jireenyaa balbala tokko tajaajila (Coll) kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0312146 ta’een galmaa’e lafa bal’inni isaa 119.85M² irratti ijaaramee jiru Obbo Mahammad Abduutti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.


Obbo Girmaa Geetaachoo mana jireenyaa balbala tokko tajaajila (R2) kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0222914 ta’een galmaa’e lafa bal’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiru Obbo Ambisaa Leggeseetti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Obbo Adam Jawwee mana jireenyaa balbala tokko tajaajila (R3) kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0312223 ta’een galmaa’e lafa bal’inni isaa 501.6M² irratti ijaaramee jiru Obbo Taarikuu Leggeseetti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.



Muuxannoo

Masarat Amanaa



Utubaawwan dinagdee dam-daneessaa - Aanaa Geeraatti

Tilmaamni guddina dinagdee Naannoo Oromiyaa hanga 2022tti biyyoota galii giddu galleessa walakkeessaa (Average Middle Income Countries) bira gahuuf mul'ata akka biyyaatti qabame, hiyyummaafi hojii dhabdummaa hir'isuu, kallattii misoomaa akka biyyaattis ta'e akka naannootti qabatame, akkasumas galmawwan misooma ittifufinsaa /SDGs/tiif xiyyeeffannoo hojjetamaa jira. Kanaaf riiformiiwwan diinagdee akka biyyaatti gaggeeffamaa turan carraawwan naannichi qabuufi yaada keessa galchuun filannoowwan sadii (bu'uuraa, giddu galeessaafi olaanaa) bu'ureeffatee qophaa'ee jiraachuufi yeroo ammaa hojii cimaa keessa jiraachuun kan hubatamuudha.

Haaluma kanaan mootummaan jijjiiramaa riifoormii kana bu'uura godhachuun inisheetiviiwwan (tarkaanfiiwwan) adda addaa gama hundaan fudachuun hojiitti hiikeera. Kanas rakkoo midhaan nyaataafi hirkatummaa dinagdee biyyattiin waggootaaf keessa turte kana seenaa gochuufi dhiibbaa sababa dinagdeen ofdanda'uu dhabuu keenyaan qaqqabaa ture qolachuuf Mootummaan jijjiiramaa Looreta Nagaa Addunyaa Doktor Abiyyi Ahimad durfamu yaadama dinagdee mandhaleen inisheetivii qonnaa keessattu qamadii jallisii bonee oomishuun eeggattummaa alaarra walaboomuun gara alaattu erguu jalqabuun taatee seena qabeessa biyya kanaati.

Mootumaan jijjiiramaa akka kanaan duraa(sirnoota darbanii) damee dinagdee keessaa tokko ykn muraasaarratti kan xiyyeeffatu osoo hintaane dinagdee damdaneessaa lafa qabsiisuuf hojjetaa jira.

Kanuma bu'uura godhachuun godinaaleefi aanaaleefi magaalonna dinagdee damdaneessaa qabatanii hojiitti hiikaa jiru. Kanneen keessaa Muuxannoo Aanaa Geeraa nuuf erge akka armaan gadiitti. Godina Jimmaa Aanaa Geeraatti utubaawwan dinagdee biyyi keenya shan imaammata itti baafachuun hojiitti hiikaa jirtuufi bu'aan qabatamaa ittiin argamuun waltajjii idila aduunyaattillee beekamtii ittiin biyya keenyaaf argame keessaa afur qabatamaan hojiitti hiikuun sochiwwan gaggaariin eegalamaniiru.

Utubaawwan dinagdee shanan biyyi keenya bu'uura yaadama Ida'amu dinagdee dam-daneessa yoo fayyadamneen alatti jijjiirama fiduun hin danda'amu yaadama jedhuun yaadama biyya keessaa waan qabnu

beekuun gara qabeenyaatti jijjiiruun badhaadhina milkeessuu yaada pirezidaantiin paartii keenyaa kabajamoo Looreta Nagaa Dr.Abiyyi Ahimad Aliin barreeffamee tarsiimoo ifata'een hojiitti galamuun bu'aawwan waggaa dhibbatti lakkaa'amu hin dandeenye bu'aa qabatamaan lakkaa'amu irra darbee mana nama dhuunfaa seenuun badhaadhina maatii qabatamaan fidaa jira.

Utubaawwan Mootummaan xiyyeeffannoo kennee irratt:kunneenis,1.Qonna ammayyaa 2. Albuuda, 3.Tuuriziimii, 4.Manufacturingii, 5.ICT) kanneen jedhamaniidha. Kunis qabeenya dilbii biyyi keenyas ta'ee naannoon keenya qabdu hunda sochoosuun murteessadha malee tokko ykn muraasa keessaa luqqisuun toora xiyyeeffannoo gochuun barbaachisaa miti. Fakkeenyaaf jijjiirama dura imaammata biyyi keenya hordofaa turte dinagdee Qonnaan durfamu kan jedhu ture.

Garuu imaammatachi akkasitti haa barraa'u malee qabatamaan kan qonnarrattis jijjiirama hin fidne. Kana waan ta'eef mootummaan jijjiiramaa qonna ammayyeessuu, inisheetivoota hedduu bocuufi hojirra oolchuu, kilaasteraafi makaanaayizdi gochuun hojii hojjetameen bu'aan gaariin argameera.

Akka biyyaafi naannoo keenyaatti seektarri qonnaa humna namaa guddaa kan keessuummeessu ta'uu isaatiin misoomin seektara qonnaa uutubaa guddina dinagdee biyya keenyaafi hiyyuummaa xiqqeessuuf shoora olaanaa kan taphatu ta'uunsaa hubatamee waggootan kurnan darban keessatti tarsiimoon misooma diinagdee guddina qonnaan durfamu diriiree itti hojjetamaa akka ture ni beekama.

Karoora imala badhaadhinaa keessattis misoomin seektara qonnaa dhimma filannoo biraa hin qabne gochuun wabii nyaataa mirkaneeffachuuf akkasumas, gahee uutubummaafi ce'umsa caasseeffama dinagdee naannoo keenyaa akka bahuuf ciminan hojjetamaa jira. Kana jechuuns, jijjiirama caasaa dinagdee akkaataa imaammata misooma dinagdeerratti ta'een dhawataan qonnaarraa gara industiriitti fiduuf oomishaafi oomishtummaa qonnaa guddisun dhiyeessiiin meeshaalee dheedhii qonnaarraa industirii maanufakchariingiif galteen gahaa ta'e akka jiratu gochuuf akkasumas naannichi waggaa guutuu midhan

nyaataan akka of sooruu danda'uf adda durummaan ni hojjetama.

Akkasumas, waliigala oomishaalee al-ergee ta'an keessaa gidduugaleessaan dhibbantaan 50 ol kan ta'u oomishaalee seektara qonnaarraa argaman waan ta'eef oomishaalee qonnaa al-ergee ta'aniifi meeshaalee alaa galan bakka bu'an gosaa, baay'inaaniifi qulqullinaan guddisuuf xiyyeeffannoon hojjechuun rakkoo hanqina sharafa biyya alaa hiikuuf qonni gahesaa akka bahuf kan hojjetamu ta'a.

Kunimmoo akka aanaa keenyaattis hojii hojjetameefi jijjiiramni qabatamaan dhufeera. Dhiyeessiiin faayinaansii qonnaan bultootaaf akka mijatuuf baankonni biyya keenyaa poolisii (imaammata) haaraa baafachuu akka qabnuuf qonnaan bulaan waan harkasaa irraa qabuun wabii taasifachuun qonnasaa akka ammayyeessuuf tarkaanfiin hoggansa jijjiiramaatiin fudhatame qabatamaatti aanichatti hojiitti hiikamaa jira.

Tilaakteerota waggaa dhibba tokko keessa galee hinbeekne waggootan jijjiiramaa kana keessa galchuun qabatamaan maasaa qonnaan bulaarraan ga'uun,sochii hawaasa keenya aadaa hojii qonna ammayyaa'aa ta'e kanatti madaqsuuf akka dammaqinaan hirmaatuuf qor-qalbii aadaa hojii cimaa akka horatuuf inisheetii (tarkaanfii) haaraan bocamuun qamadii kanaan dura waqtii gannaa qofa naannoo muraasatti oomishamu lafa jallisii bonaatiin haala qilleensaa hunda keessatti kan misoomfamuu danda'u hojiitti hiikuun,jijjiiramichi qonnaan bulaa dhuunfaa jijjiiru irra darbee birmadummaa biyyaafuu wabii ta'uun qamadii alaa galchuu dhaabuun Seenaan haaraan qamadii biyyi keenya alatti erguus dhugoomuurra darbee badhaasa addaa idila aduunyaa dhaabbata nyaataa aduunyaa irraa argamsiiseera.

Aanaa Geeraattis yaadama hoggansa jijjiiramaaf utubaawwan dinagdee dam-daneessa badhaadhina Itoophiyaatiif jedhu kana hoggansi sadarkaan jiru fudhachuun hojiitti hiikamaa jira. Gama turziimiitiinis maddoota turziimii aanichaa kanneen akka Xabala Qeechoo, Bosona uumamaa Geeraa, Finca'a magaalaa Ciiraa keessatti argamu Finca'a deedaa misoomsuun sochiin eegalame kun sochii dinagdee damdaneessaa galmaan gahuuti.

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Dinagdee

Hizqi'eel Tashoomaa

Sirna bittaa mootummaa dijiitaaleessuuf hojjetamaa jira

Ejensiin Bittaaafi Dhabamsiisa Qabeenya Mootummaa Naannoo Oromiyaa, bittaa motummaa geggeessuufi qabeenyaa mootummaa tajaajilaan ala ta’an gurguruun gara mallaqaatti jijjiiruun tajaajila uummataaf oolchuu kaayyeeffatee hunda’e.

Ejensiichi kun hundeeffamasaa irraa eegalee caasaasaa sadarkaa naannootti argamuun bittaa mootummaafi dhabamsiisarratti xiyyeeffatee hojjetaa tureera.

Turtii waggaa 10fi walakkaa darbeen bu’aawwan galmeessise, qormaataafi furmaata akkasumas kallatti fuula duraa ejensichi qabaterratti Itti Aantuu Daayireektara Olaanaa Ejensii Bittaaafi Dhabamsiisa Qabeenya Mootummaa Naannoo Oromiyaa Aadde Surraanee Alamaayyoo waliin turtii taasfneerra, yaadaafi akeeka isaaniirratti hunda’uun hojiiwwan hojjetamaa jiraniifi kallatti fuulduraa qindeessuun dhiyeessineera.

Hundeeffama Ejensii kanaan dura seektaraaleen bittaa mataa mataan taasiisaa turaniiru, bittawwan haala bitina’een raawwataman kun hojimaataan bakka tokkotti sassabamanii yoo raawwataman qisaasama hedduu (Yeroo, humna namaafi loojistiikii bakka adda addaatti bahu) hambisuu akka danda’u amantaa fudhachuun akka hunda’uu taasifameera.

Manni hojjichaa toora xiyyeeffannoo bittaa mootummaafi qabeenya mootummaa tajaajilaan ala ta’an tajaajilatti deebisuun mootummaaf galii taasisurratti hojjetaa tureera.

Manni hojii kun hunda’uusaatiin qisaasama maallaqaa, yeroo, humna namaafi loojistiikii kallatti addaaddaan bahu hambiiseera.

Akka fakkenyaatti, bittaan karaa faca’een raawwatamu sanada tokko qilleensarraa oolchuuf manneen hojii tokko tokkoon isaanii hanga qarshii kuma 8 baasisa, manni hojii kun garuu fedhii bittaa wal-fakkataa manneen hojii hundarraa bakka tokkootti fiduun sanada tokkootti qindeessuun baasii manni hojii tokko baasu qofaan bittaan akka raawwatamu taasiiseera. Kunis baasii manni hojii mataa mataan baasuu danda’u giddu gala tokkootti fiduun qisaasama maallaqaa, humna namaafi yeroo karaa qusatuun hojjechuu dandeessiseera.

Gama biraan, hordoffiifi to’annoon bittaa waliigalteen akka raawwatamu taasisuu dandeessiseera. Sirni bulchinsa walii galtee bittaa giddugala tokkotti fiduun foyyeffame kunis bu’aa fidaa jira.

Maloota bittaa jahaatu jira, maloota kana keessaa Ejeensiin Bittaaaf kan heyyamameefi adeemsi ittiin raawwatamu caalbaasii ifaa qofaani. Sirni caalbaasii ifaa kunis gatii gad-aanaa dhiyaatu qofaan kan ilaalamu osoo hintaane dhimmoota teeknikaan ilaalamaniifi qulqullina meeshaa barbaadamu mirkaneessan guuttatee dhiyaachuusaa erga mirkana’ee booda gatii gad-aanaan caalbaasii keessatti dhiyaate fudhatamee hojmaata faayinansii eeguun waliigalteen seeraa raawwatamee bittaan gaggeeffamaa tureera, kunimmoo komii qulqullina meeshaaleen wal qabatee ka’us salphisuu keessatti gahee fudhataa dhufeera.

Bittaan gaggeeffamu beekumsaan akka raawwatamu taasisuu dandeessiseera. Bittaan raawwatamu bittaa biyya keessaafi alaati. Adeemsi kunis ogeessaa ogummaan qabuun “Specification” adda bahee ogummaan deeggaramee akka raawwatuuf dandeessiseera. Adeemsi kunimmoo, fedhiwwan bittaa manneen hojii qabanirratti ittiqquufinsa uumaa dhufeera,



kun cimee itti fufa.

Haala gabaa yeroo yeroon jijjiramu kana to’achuuf waliigaltee bittaa hanga waggaa sadiitti dheerataa ture hojmanni waan heyyamuuf waggaa tokkotti fiduun waliigalteen bittaa hidhamee hojmaataan raawwatamaa tureera.

Qaamolee waliigaltee fudhatanii akkataa waliigalteetiin osoo hin raawwatin hafanirratti tarkaanfii sirreeffamaafi seeraa fudhatamaa tureera.

Bara 2005 irraa eegalee hanga kurmaana 2ffaa bara 2016tti bittaa walfakkaataa kan akka meeshaalee ICT, meshaalee barreeffamaa, Motor saayikilii, konkolaataafi kkf qarshii 12,363,387,389 raawwatameera.

Bittaa mana hojii tokko (manni hojii tokko qofti kan fayyadamu) ta’ee fedhii bittaa dhiyaatu irratti hunda’ee kan raawwatamudha, kananis bittaan qarshii biiliyoona 3.2’n raawwatameera.

Bittaan bakka tokkootti rawwatamu kun bu’aa argamsiisaa dhufeera, bara 2005 hanga kurmaana 2ffaa 2016tti bittaa raawwatamaa tureen, bu’aan dinagdummaa jechunis, bittaa haala gabaa har’aa, baay’ina meeshaa bitamee, yeroo, qisaasama humna namaafi maallaqaan qarshii biliyoona 2.5 ol bu’aa argamsiiseera.

Ejeensiin kun sektaroota mootummaa sadarkaa naannoof bittaa akkuma raawwatu, qabeenyaa mootummaa tajaajilaan ala ta’an caalbaasii ifaan gurguruun galii argamsiisuuf hanga caasaa sadarkaa aanaatti qindoomina uumuun hojjetaa tureera. Qabeenya mootummaa tajaajilaan ala ta’an kanarraas bu’aa lakkawamu argateera.

Galiin gurgurtaa waggoota 10fi walakkaa darbe keessatti qarshii 406,164,969 argamsiisuun danda’ameera.

Sosochii bara 2014 irraa eegalee taasifamaa jiruun fedhiin qabeenyaa mootummaa tajaajilaan ala ta’an qabeenyatti akka jijjiramuuf bakka adda addaarra dhiyaata jira. Fedhii dhiyaatu kana qaqqabamaa taasisuuf hanga danda’ameen ogeessa mana hojii bobbasuun hojjetamaa jira.

Bara 2015 eegalee hojii hojjetamaa jiru keessaa tokko, kallatti Ministeerri Maallaqaa kaa’eefi Biirtoon Maallaqaa Naannichaa kenne bu’uura taasifachuun sibiilawwan dullomoo hadiida baaburaa daangaa naannicha keessatti argaman baasii mana hojjichaan walitti qabuun hanga kurmaana 2ffaa 2016tti qarshii 674,508,328 galii taasifameera, kunis itti fufeera.

Akka waliigalaatti ejensichii toora xiyyeeffannoo lamaan qabatee hojjetaa jirurratti toora milkii qabateera, kana itti fufsiisuuf hojjetamaa jira.

Kallatti fuula duraanimmoo kurmaana 4ffaa 2016 irraa eegalee, toora xiyyeeffannoorratti hojjetaa jiru lamaan keessaa, sirna bittaa mootummaa diijitalessuuf hojii eegaleera. Haalduree fudhatameenis manni hojjichaa sirna bittaa mootummaa diijitalessuuf dandeessistoota gahaa akka qabu koreen dhimmicha ilaaluun mirkana’ee walii galteerra gahameera. Milkaa’ina kanaafis hojjiin humna namaa leenjisu, meeshaalee barbaachisoo guutuu eegalameera. Gama Biirtoon Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teeknooloojii waliin waliigaltee wal hubannoo uumuun moosaajii hojii kanaaf barbaachisu hojiirraa oolchuuf hojjetamaa jira. Adeemsi kun akka xumurameen ragaa turan diijitalessuufi haaraa galchuurratti xiyyeeffatamee ni hojjetama. Hojmaanni kuni, sirna bittaa amanamaa, haqa qabeessaafi iftoomina eegge akka adeemu kan taasisudha.

Qulqullinni bittaa akka eegamuuf seektaraalee waliin qindoomina uumuun waliigaltee mallatteessuun ogeessota manneen hojii sadarkaa naannoo waliin walitti dhufeenya gaarii uumuun fedhiin bittaa adda bahee akka raawwatamu taasifamaa tureera.

Fedhii bittaa yeroofi ogummaan deeggaranii dhiyeessuu, bajata ramadamu keessaa fedhii bittaa raawwatamu addaan baasani dhiyeessuurratti qaawwi ni mul’ata. Kana bu’uuraan hiikaa adeemuuf hojjechuun murteessaadha.

Bara 2016’f fedhii bittaa biiliyoona 1.3 sassabameera, kana keessaa %80’n waliigaltee bittaa keessa galfamee raawwatamaa jira.

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Jimmaa

Obbo Mulugeetaa Bafiqaaduu abbaankoo Obbo Bafiqaaduu Waldee waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Aggaaroo ganda Birbirsaa Waarituu (02) keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’e jiru dhaalaan argadheera jedhaniiru. Kanaaf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aggaaroo.

Aadde Ayyalachi Baqqalee, Obbo Phaawuloos Mokonnaan, Itsagannat Mokonnaan, Yaareed Mokonnaaniifi Suraafeel Mokonnaan kan jedhaman abbaan keenya obbo Obbo Mokonnaan Tarrafaa waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Aggaaroo ganda Bakkee Agaalloo (04) keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru dhaaltummaan akka isaan dhaqqabu mana murtiirraa mirkaneeffataniiru. Kanaafuu namni dhaaltummaa kana mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Aggaaroo.

Obbo Daani’eel Asaffaa lakk.kaartaa kan hin sochoone 1955 kan ta’e tajaajilli isaa mana jireenyaa maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda B/Kitoo keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu,kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Shawaa

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Aadde Tsahaay Abbabaa fa’aa N–4 fi M/A/Idaa Aadde Hiwoot Ashannaafii fa’aa N-3 gidduu falmii raawwii jiru ilaalchiese, Mana Jireenyaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Gooroo keessatti kan argmu Lakk.Kaartaa 1156/2000 kan ta’e maqaa Aadde Tsahaay Abbabaatiin galmaa’ee baEEKamu bali’inni lafaa 200M² irratti argamu caalbaasii ifa ta’een akka gurguramu manni murtii ajajaeera. Kanaafuu gatii ka’umsaa Caalbaasii qarshii 1,140,034.24tiin gaafaa 19/08/2016 sa’aatii 4:00 hanga Sa’aatii 6:00tti waan gurguramuuf, namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan ka’umsa caalbaasiirraa ¼ CPOdhaan qabsiisuudhaan bakka qabeenyi kun argamu Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Gooroo keessatti guyyaafi sa’aatii jedhame kanatti qaamaan dhiyaattanii bitachuu kan dandeessan ta’uu Manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Boolee.

Obbo Bayyanaa Dabalee Nagahee Lakk. isaa 173596, Lakk. Galmee B-1731 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Caalbaasii

R/Himataan Yu/Wa/Ho/Gamtaa Qo/Bu/Liibaniifi R/Himatamaan Zarihuun Warqinaa jidduu falmii waa’ee raawwii jiru ilaalchisee mana Daldaalaa Magaalaa Walisoo Ganda Ejersaa Keessatti lafa kaaree meetira 600 irratti qubatee argamu Lakk. Kaartaa isaa W/3703/99 kan ta’e Maqaa R/Himatamaatiin galmaa’ee kan jiru ka’umsaa caalbaasii qarshii 2,755,317.6tiin gaafa 28/08/2016 sa’aatii 4:00 - 6:30tti caalbaasiin waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan iddoo, guyyaafi sa’aatii jedhameetti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ni beeksisa.M/M/A/K/Magaalaa Gafarsa Gujee.

Caalbaasii

Godina Shawaa Lixaa, Yuuniyeenii Waldaa hojii Gamtaa Qonnaan Amboo Itti Gaaf/ isaa kan Murtaa’e bara baajataa 2016 piroojecktii ijaarsa Calaltuu balfa dhangala’aa bishaanii (water treatment pond) Warshaa daakuu keessatti ijaarsisuuf Waldaalee Intarpiraayizii Maayikiroo ta’an Aanaa Amboo fi Bulchiinsa Magaalaa Amboo keessatti ijaaramanii eeyyama ijaarsa Bishaanii irratti qaban waldorgomsiisee akkaataa ispeesifikeeshinii fi diizaayinii mirkanaa’een dhiyaateen hojjechiisuu barbaada.

Haaluma kanaan waldaaleen ulaagaalee armaan gadiitti ibsaman kana sanada caal-baasii qophaa’e bitachuun dorgomuu kan dandeessanidha.

- Waldaalee Intarpiraayizii Maayikiroo waraqaa ragaa gahumsa ogummaa hojii ijaarsa gamoo Abbaa Taayitaa konistiraakshinii Go/Sh/Lixaa fi Abbaa taayitaa Konistraakshinii Bulchiinsa Magaalaa Amboo irraa kan bara 2016 haaromfame/baase.
- Waraqaa hayyama daldalaa kan bara 2016 haaromfame kan dhiyeeffachuu danda’u.
- Dorgomaan dorgomuu qabu galmaa’aa VAT fi lakk.TIN kan qabu ta’uu qaba.
- Dorgomaan dorgomuu qabu,waraqaa ragaa kaffalaa gibiraa kan dhiyeeffatu ta’uu qaba.
- Waldaan IMX qaama ijaare irraa waraqaa ragaa kabachiisa caalbaasii kan dhiyeeffatu.
- Waldaaleen hojii of harkaa qaban dhibbantaa 100% ykn xumuruu isaa xalayaa ragaa mana hojii qaama gurmeesse irraa dhiyeeffachuu kan danda’an
- Meeshaalee ijaarsaa piroojecktichaaf barbaachisanii fi maashinoota adda addaa yoo dorgommicha mo’atan dhiyeeffatanii hojjechuu kan danda’an ta’uu qaba.
- Sanadni dhiyaatu kamiyyuu haqaa fi laaqaa kan hin qabne ta’uu qaba.
- Haala dhiyeessuu(galfachuu) fi Banuu ilaalchisee:
 - Sanadoonni Teeknikaa dhiyaatan Originaallii fi kooppiin kophaa kophaatti poostaa keessa kaa’uudhaan saamsuudhaan Sanada Teekinikaa Originaalaa irratti **“Teeknika Orijinaalaa”** fi sanada Teekinikaa koppii irratti **“Teeknika koppii”** jechuun erga irratti barreeffamaee booda lamaan isaa poostaa guddaa tokko keessa galchuudhaan gubbaa isaa irratti **“Sanadaa Teeknika Orijinaalaa fi Kooppii”** iechuun irratti barreeffamuu qaba.
 - Sanadoonni Faayinaansii **ofiin guuttan** yommuu deebi’u Orijinaalii fi koppiin kophaa kophaatti poostaa keesssa kaa’uudhaan saamsuudhaan sanada Faayinaansii orijinaalaa irratti “Faayinaansii orijinaalaa” jechuun erga irratti barreeffamee booda lamaan isaa poostaa guddaa tokkoo keessa kaa’uudhaan gubaa isaa irratti “Sanada Faayinaansii orijinaalaa fi koppii” jechuudhaan irratti barreeffamuu qaba.
 - Sanada originaalaa fi koppii akkasumas teekinikaa f faayinaansiin dogoggoraan isa tokko isa kan biraa keessa yoo kaa’ame (miss placement of document) fudhatama kan hin qabne ta’uu.
 - Sanadni dhiyaatu kamiyyuu chaappaa fi mallattoo waldichaa qabaachuu qaba.

10. Dorgomtootni guyyaa beeksifni kun bahe irraa eegalee guyyoota hojii 15f sanada qophaa’e (Dizaayinii fi Ispeesifikeeshiniin) kutaa faayinaansii Yuuniyeeniitii bitachuu kan dandeessan yoo ta’u sanadni bitame galchuu kan galchuu dandeessan guyyaa hojii 15ffaa(kudha shanaffaan)xunuramee gaafa guyyaa 16ffaa irratti Yuuniyenii Waldaa Hojii Gamtaa Qonnaan Bultoota Amboo Darbii 3ffaa **Qajeelcha Gabaa** keessatti Sa’aatii 8:00 irratti galuudhaan gaafuma sana sa’aatii 8:30 irratti kan banamu ta’a .

11. Sanada caalbaasii kana bitachuu kan dandeessan kan hin deebine qarshii 100(dhibba tokko) kaffaluun bitachuu kan dandeessanidha.

12. Sanada sobaa ykn waliin dhahuuf ragaa hin taane galchuun dorgommichaan ala kan taasisudha.

13. Hojii ijaarsa isaa guyyaa kalaanda **60 (Jaatama)** qofa keessatti xumuramuu qaba.

Hubachiisa: -Yuuniyeeniin Waldaa Hojii Gamtaa Qonnaan Bultoota Amboo carraa biraa yoo argate caalbaasicha guutummaan ykn gar tokkeen haqauuf mirga guutuu qaba. Lakk. Bilbilaa **011-236-33-99 ykn 011-260-98-42** Teessoo: Magaalaa Amboo Gamoo **Yuuniyeeniin Waldaa Hojii Gamtaa Qonnaan Bultoota Amboo.**

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Roomaan Daalee N-3 fi M/A/Idaa Tsiggee Tulluu N-2 jidduu falmii jiru ilaalchisee mana Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee Aanaa Kolooboo Zoonii Caancoo keessatti kaaree meetira 960 ta’e manni kaaree meetira 63 irrati argamu ka’umsaa caalbaasii qarshii 253,176.02tiin gaafa 24/08/2016 sa’aatii 3:00 - 7:00tti caalbaasiidhaan waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan iddoo, guyyaafi sa’aatii ibsametti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee.

Obbo Kayiree Waabalaa Kaartaa iddoo mana jireenaa isaanii Magaalaa Mataaharaa ganda Dirree Gobbuu keessatti maqaa isaaniitii galmaa’ee kennameef Lakk. Kaartaa isaa **፬**/1927 ta’e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, qaamni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabatee jiru yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne kaartaa haaraa hojjennee bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Mataaharaa.

Aadde Imaammuyyee Taayyee Gazzahaanyi Kaartaa Lakk. isaa S/12755/00, Lakk. Galmee I-862 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef mana Galmee keessaa bakkarra argamuu waan hin dandeenyeef,qaamni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.



Obbo Iyyoob Kabbadaa Nagahee Lakk. isaa 169748 Lakk. Galmee I-048 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Aadde Assagadech G/Sillaasee Nagahee Lakk. isaa 159152,Lakk. Galmee A-145 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Tafarii Bayyanaa Nagahee Lakk. isaa 383300, Lakk. Galmee T-2760 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Zalaalam Fissahaa Nagahee Lakk. isaa 167824 Lakk. Galmee Z-746 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Muluunesh W/Tsaadiq Nagahee Lakk. isaa 1505898,Lakk. Galmee M-2098 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Habtaamuu Sisaay Nagahee Lakk. isaa 496508,Lakk. Galmee M-1755 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii

Sirreessa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Bara 29 Lakk. 36^{ffaa} Adoolessa 7 bara 2014 Beeksisa Shaalaqaa Fiqiruu Kabbadaa Baasifatan keessatti Lakk. Nagahee isaa 5882893 jedhamee kan bahe dogoggoraan waan ta’ee Lakk. Nagahee 1882893 jedhamee sirreefamee haa dubbifamu

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda’ama!

Obbo Mankir Tamsgeen Nagahee Lakk. isaa 870252, Lakk. Galmee M/2826 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Roomaan Tsaggaayee Nagahee Lakk. isaaa 1116792 ta’eefi 1930565 ta’e Maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Yaadanii Qajeelchaa Nagahee Lakk. isaaa 1930083 ta’eefi 1118688 ta’e Maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Waldaa Amantaa Walattee Qaalahiwoot Nagahee Lakk. isaa 345192, Lakk. Galmee W-1137 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Qaasim Ahimad Nagahee Lakk. isaa 1229240 kan ta’e maqaa Obbo Mindaawu Asfaawutiin galmaa’ee kennameefii Nagahee lakk. isaa 1229239 kan ta’e maqaa obbo Tsaggaawu Baraddaatiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Aadde Wayinsheet Asfaawu Nagahee Lakk. isaa 178682 kan ta’e maqaa Faantuu Asiraasiitiin galmaa’ee na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Aadde Yeneenash Yaa’iif

Bakka jirtaniitiif

Iyyataa Warquu Mulugeetaafi waamamtuu isin gidduu falmii jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 10/8/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa

Obbo Azmaach Birillee Mokonnin Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Koyyee FacceettiKaartaaLakk.isaa**፳/ቃ/306/12/58284/00** kan ta’e Lakk. seerii isaa 1546348 na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluuf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kan duraanii akka badetti tilmaamamee haqamee kan biraa hojjatamee bakka bu’ee kan kennamauuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Kooyyee Faccee

Aadde Angaatuu Lammaa nagahee gibiraa lakk. Isaa 0438614 kan bara 2012 hanga 2015 kan jiru na jalaa badeera waan jedhaniif, qaamni nagahee kana sababa adda addaatiin qabadhe jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 10 keessatti yoo deebisuu baate nagaheen kun tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Muka Xurrii.

Obbo Isheetuu Fiqiree Lakk. Nagahee gibiraa lakk. Isaa 2947989 kan bara 2000 hanga 2004, Lakk. Nagahee 0927435 kan bara gibiraa 2010 hanga 2011 ta’eefi Lakk. Nagahee 0309570 kan bara gibiraa 2012 hanga 2013 ta’e na jalaa badeera waan jedhaniif, qaamni nagaheewwan kana sababa adda addaatiin qabadhe jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 10 keessatti yoo deebisuu baate nagaheen kun tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Muka Xurrii.

Aadde Misiraaq Azzazaa Nagahee Lakk. isaa 1596727, Lakk. Galmee M-311 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Hundee Nagaash Nagahee Lakk. isaa 175307 ,Lakk. Galmee H.1252 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

1^{ffaa} Obbo Asaffaa Nuguseetiif

2^{ffaa} Obbo Warquu Alamuutiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Baankii Siinqee (W.A) Damee Baareentuufi Himatamtoota jidduu falmi siviilii jiru ilaalchisee Himatamtoonni mana murtii kanatti himatamtanii Galmeen beellamarra jiraachuusaa beektanii beellama gaafa 10/08/2016 sa’aatii 8:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Wixinee labsii kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibiraa lafa qonnaa mootummaa

(Kan darberraa kan itti fufe)

– Hanga kaffaltii horsiisa beeyladaa

Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan hoolaafi/yookiin re’ee baay’innisaanii 15fi isaa gadi ta’e, horii gaanfaa baay’inni 10fi isaa gadi ta’e, farda yookiin harree yookiin gaangee yookiin ida’amasaanii 5fi isaa gadi ta’e yookiin gaala baayyinnisaaniifi isaa gadi ta’e qabu gibira galiirraa bilisa ta’a.

Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatus, dubartiin hoolaafi/yookiin re’ee baay’innisaanii 17fi isaa gadi, horii gaanfaa baay’inni 12fi isaa gadi, farda yookiin harree yookiin gaangee yookiin ida’amasaanii 7fi isaa gadi yookiin gaala baayinnisaanii 7 fi isaa gadi ta’e qabdu gibira galiirraa bilisadha.

Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1fi 2 jalatti kan tumamee jiraatus, qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yoo kiin gamisa horsiisee bulaan beeylada baay’inni isaanii hanga gibira galii irraa bilisa ta’een ol qabu baay’inaafi gosa beeyladaa irratti hundaa’ee beeylada tokko irratti akkaataa armaan gadiitiin gibira galii kan kaffalu ta’a:

- Hoolaa yookiin re’eef qarshii 20.00 (digdama)
- Horii gaanfaa qarshii 200.00 (dhibba lama)
- Farda yoo kiin harree yoo kiin gaangeef qarshii 100.00 (dhibba tokko)
- Gaalaaf qarshii 300.00 (dhibba sadii).

Kaffaltiin taarifa gibira galii beeyladaa bu’ura keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti tumameen baay’inni beeyladaa hanga bilisa ta’uu olitti jiru taarifa gatii beeylada tokkoof taa’een baay’ifamee kan kaffalamu ta’a.

Yeroo kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa

Qonnaan bulaan, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaan kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa barri baajataa seenee hanga ji’a bitootessa 30tti kaffaluu qaba.

Namni daangaa yeroo keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame keessatti kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa kan hin raawwanne yoo ta’e adabbii bulchiinsa labsii kana keessatti tumame kan adabamu ta’a.

Sassaabaan galii biirichaan bakka bu’e kamiyyu kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa akkaataa labsii kanaatiin sassaabee daangaa yeroo qajeelfama biirichaan bahuun murtaa’e keessatti galii taasisuu qaba.

Sassaaban galii sababa gahaafi amansiisaatiin yoo ta’e malee, maallaqa sassaabe daangaa yeroo qajeelfamaan tumame keessatti galii kan hin taasifne yoo ta’e, dhala maallaqa sassaabee fi adabbii bulchiinsaa labsii kana keessatti tumame kan kaffalu ta’a.

Kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaa irraa bilisa ta’uu

1. Qaamoleen armaan gadii kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaa irraa bilisa:-

- a. Dhaabbata mootummaa yookiin mit-mootummaa yookiin abbaa qabeenyaa dhuunfaa akkaataa seera rogummaa qabuutiin bosona misoomsuu;
- b. Dhaabbilee mootummaa hojii bu’aa argamsiisu irratti bobba’aniin alatti lafa qabatanii tajaajila ummataaf kennan;
- c. Paarkii biyyalessaa yoo kiin mootummaa naannichaa;
- d. Dhaabbilee amantaa qabiyyee lafa baadiyyaa istaandardii bu’uura seera rogummaa qabuun murtaa’eef isaa gadi ta’e qabatan, akkasumas qabiyyee lafa baadiyyaa tajaajila hafuura qofaaf kan oolchan yoo ta’eedha.

Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (d) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee dhaabbileen amantaa qabiyyee lafa baadiyyaa istaandardii seeraan murtaa’ee ol qabatanii hojii oomisha qonnaa irratti gaggeessan bu’uura labsii kana jalatti tumameen kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa kan kaffalan ta’a. Mirga kaffaltoota gibira galii itti fayyadama lafa baadiyyaafi haala hundeeffama isaa.

Kaffalaan gibiraa kamiyyuu yoo gaafate biirichi yookiin qaamni kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa akka sassaabu bakka bu’e ibsa akkaataa hojii herreegaan haala armaan gaditti ibsameen ni kennaaf:-

Hamma qabiyyeen lafa kaffaltiin itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibirri galii hojii qonnaarratti kan gaafatameefi hamma maallaqaa itti fayyadama lafa baadiyyaa gibira galii hojii qonnaaf kaffalamudha.

Wixinee labsii kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibiraa lafa qonnaa mootummaa irrattis adabbiiwwan bulchiinsaa

Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan kamiyyuu akkaataa seera kanaatiin kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaa yoo kiin gibira galii hojii qonnaa kaffaluuf dirqamu osoo hin kaffaliin yeroo seeraan kaa’ame keessatti galii osoo hin kaffalamiin ture irratti ji’a ji’aan % 5 hanga % 25 gahutti adabbii ni kaffala. Haa ta’u malee adabbiiin kaffalamu sun % 25 caaluu hin qabu.

Kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa akka sassaabu namni bakka bu’ee galii sassaabe sagantaa biirichi baasuun yeroon hin galchine yoo tahe,, guyyaa galchuu qabuurraa eegalee ji’a ji’aan % 5 hanga % 50 gahutti ni adabama. Komiishiniin kaffalamuufii qabus hin argatu.

Biirichi qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan gibira galii yookiin kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaa yeroodhaan kaffaluu kan dadhabeef rakkoo humna oliitiin ta’uu isaa ragaadhaan yoo mirkaneeffate adabbii murtaa’ee ture irraa kaasuu ni danda’a. haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa’u ta’a.

Haala sassaabbii gibira galiifi kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaa

Kaffalaan gibiraa galii yookiin kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaa kamiyyuu kaka’umsa mataasaatiin yookiin beeksisni murtii isa gahee

yookiin gibira galiifi kaffaltiin itti fayyadama lafa baadiyyaa irraa barbaadamu itti himamee yeroo labsii kanaan murtaa’e keessatti yoo hin kaffaliin yookiin koree komiitti ol’iyyannoo yoo hin dhiyeeffanne, guyyaa kaffaltiin darbe irraa eegalee yeroo kamiyyuu biirichi qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa ilaalchisee mana murtiin dirqisiisuudhaan kaffalchiisuu ni danda’a.

Akkaataa seera kanaatiin kaffaltiin itti fayyadama lafa baadiyyaa yookiin gibira galii hojii qonnaa akka sassaabu namni bakka bu’iinsi kennamuuf herrega sassaaburraa komishiiniin % 1 biirichaan kan kaffalamuuf ta’a.

Qonnaan bultoonni, horsiisee bultoonni yookiin gamisa horsiisee bultoonni aanaa tokko yookiin tokkoo ol keessa jiraatan hundinuu yookiin gartokkeen isaanii balaa caamaatiin yookiin sababii humnasaanitiin ol ta’een guutumaa guututti yookiin gartokkeen oomishasaanii irra miidhaan yoo gahes kan jalaa miidhame sanaaf kaffaltiin itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa hundinuu yookiin gar-tokkeensaa akka hin kaffalamne manni maree bulchiinsaa mootummaa naannichaa murteessuun raawwiin isaas qajeelfama itti aanee bahuun kan murtaa’u ta’a.

Hanga kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa hir’isuu yookiin dabaluu

Hangi kaffaltii itti fayyada lafaa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa labsii kana keessatti tumamee jiraatus, qorannoo irratti hundaa’uun, hangi kaffaltii labsii kana keessatti tumame,

biirichi hanga % 50 gahutti dabaluu yookiin hir’isuun ni danda’ama. Biirichi, waajjira Pirezidaantii, biiroo abbaa alangaa waliigalaa, biiroo maallaqaa, komiishinii karooraafi misoomaa Oromiyaafi akkaataa barbaachisummaa isaatti mana hojii mootummaa dhimmi ilaallatu waliin ta’uun % 51 hanga % 100 gahutti dabaluu ni danda’u. Raawwiin kanneeniis keewwata kanaan qajeelfama bahuun kan murtaa’u ta’a.

Labsii kanaafi dambii qajeelfama bu’ura labsii kanaatiin bahuun hojiirra oolchuuf qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan yookiin qaamni mootummaas ta’e dhuunfaa kamiyyuu deeggarsa barbaachisaa ta’e kennuuf dirqama qabu.

Namni labsii kana yookiin dambii kanaan qajeelfama bu’uura labsii kanaatiin bahu cabse kamiyyuu akkaataa seera yakkaa yookiin taaksii ragummaa qabuun ni gaafatama. Kaffaltii itti fayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa labsiin kun osoo hojiirra hin ooliin dura hin sassaabamiin hafe bu’uura seerota hojiirra turaniin kan xumuramu ta’a. Seeronni labsiiwwan haqaman bu’ureeffachuun bahani hojiirra jiran hanga labsii kanaan wal-hin faallessineefi seerota birootiin bakka bu’anitti raawwiin isaanii kan itti fufu ta’a.

Aangoo dambiifi qajeelfama baasuu

Manni maree bulchiinsaa mootummaa naannichaa labsii kana hojiirra oolchuuf dambii baasuu dandahuufi biirichi labsii kanaafi dambii bu’uura labsii kanaatiin bahu raawwachiisuuf qajeelfama baasuu ni danda’a.

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir’isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

Hospitaala Baatuutti tajaajila fayyaa qulqulluufi qaqqabamaa hawaasaaf kennuuf hojii hojjetamaa jiru

Mootummaan kenninsa tajaajila fayyaa qulqulluu, si'ataafi qaqqabamaa yeroo kamiyyuu caalaa yeroo ammaa xiyyeeffannaa addaatiin hojjechuurratti argama. Kana mirkaneessuufis inisheetiiviiwwan fayyaa garaagaraa bocamuun hojiirra oolaa jiru.

Naannoo Oromiyaattis Biiroo Fayyaa naannichaa inisheetiiviiwwan fayyaa garaagaraa tajaajila fayyaa qulqulluufi qaqqabamaa ta'e hawaasaaf kennuuf dandeessisan bocuun dhaabbilee fayyaa sadarkaan jiranirratti hojiirra oolchuu erga jalqabee bubbuleera. Kanaanis, kenninsa tajaajila fayyaa naannichaarratti fooyya'insa guddaan mul'achaa dhufeera.

Hospitaalli Waliigalaa Baatuus dhaabbilee fayyaa kanneen keessaa tokko yoo ta'u, kallattii biirichi kaa'een inisheetiiviiwwan fayyaa adda addaa hojiirra oolchuun hojjetamaa jira.

Nutis, hospitaalachatti kenninsa tajaajila fayyaa fooyyessuuf hojilee hojjetamaa jiranirratti tajaajilamtoota yaalamaa jiraniifi ogeessota hospitaalachaa tokko tokko, Hakiima Waliigalaaafi Hoji Geggeessaa Hospitaala Waliigalaa Baatuu dubbisuun haala armaan gadiitiin qindeessinee fuula hawaasummaa keenya torban kanaatiin isiniif dhiyeessineerra.

Hospitaalli Waliigalaa Baatuu hojii kan eegale bara 2006tti yommuu ta'u, ummata miliyoona 1.2 ol ta'uuf tajaajilawwan fayyaa garaa garaa kennaa jiraachuu Hoji Geggeessaa Hospitaalachaa Obbo Idiriis Shaarbii ibsaniiru. Baay'inni ummata hospitaala kanatti tajaajilaas yeroo gara yerootti baay'achaa kan dhufeeff sadarkaa baay'ina tajaajilamtootaan wal-gituu baatus tajaajilli hospitaalichi kennus dabalaa fi fooyya'aa dhufeera jedhan. Keessattuu, waggoota lamaan darbanii asii lakkoobsi tajaajilamtoota daran dabalaa jira. Sababnisaas, hawaasni dhaabbilee fayyaatti dhufee tajaajilamuurratti hubannoofi fedhiin qabu dabalaa dhufuu, baay'inni fayyadamaa inushuuraansii fayyaa daran dabaluu fi dhaabbilee fayyaa dhuunfaa keessatti kaffaltiin tajaajila argachuuf kaffalamu humnaa ol dabalaa waan dhufeeff akka ta'edha Obbo Idiriis kan himan.

Baay'inni tajaajilamaa gara hospitaalichaatti dhufaa jiru humnaa ol dabalaa waan jiruuf hangaafi sadarkaa hawaasni eeguun ta'uu baatus tajaajilli kennamaa jiru yeroodhaa yerootti baayyee fooyya'aafii dabalaa akka dhufe ibsaniiru.

Kanaaf, bara kana hospitaalichi kenninsa tajaajila fayyaa caalaatti guddisuufi hawwataa taaisuuf inisheetiivota adda addaa hojiirra oolchaa jira. Inisheetiivota kanneen keessa tokko tajaajila fayyaa raga (Evidene based care) irratti hundaa'e kennuudha. Kunis, tajaajilli fayyaa hawaasni barbaadu, sadarkaa hospitaalichaatti kennamuu danda'u qorannoo sirriirratti hundaa'uun ogeessota



sadarkaan sun barbaaduun akka kennamu taasisuudha.

Kunis, qabiinsa ragaatiin wal-qabatee hanqina kanaan dura hospitaalachatti ture hambisuu keessattis kan gargaaredha. Inisheetiivii kun erga jalqabamee as ogeessonni gareedhaan tajaajilawwan kennamaa jiran qulqullina barbaadamuufi yerootiin kennamaa jiraachuunsanii torban, ji'aafi kurmaanaan qoratchaa jiru jedhan. Kana malees, tajaajilli kennameef dhukkubsataarratti jijjiirama maalii fide kan jedhus ni ilaalama. Kunis tajaajila fayyaa hospitaalachatti kennamaa jirurratti jijjiirama gaarii argamsiisaa jiraachuudha Obbo Idiriis kan hiamn.

Bakki itti daa'imman dhalatanii sababoota garaagaraatiin yaaliin fayyaa addaa isaan barbaachisu yaalaman kana dura rakkoo guddaa ture. Kuni yeroo ammaa akka inisheetiivii haaraatti qabatamee irratti hojjetamuun bakki itti daa'imman kanneen tursiifamanii yaala argatan akka ijaaramuuf ta'ee tajaajilli kun kennamaafii jira. Kunis, du'aatii daa'immanii xiqqeessuu keessatti qooda guddaa gumaachee jira. Kana malees, bakkii namoonni tajaajilli baqaqsanii yaaluu taasifameef itti ciisanii yaala fayyaasaanii hordofan hanqina guddaa qaba ture, guutumaan guutuun furamuu baatus hanga tokko fooyya'eera.

Inisheetiivonni hospitaalachatti jalqabaman kunneenis baayyinni tajaajilamaa daran akka fooyya'uufi tajaajilli qulqulluun akka kennamu taasisuu keessa gahee guddaa gumaachaa jira. Fakkeenyaaf, bara kana hanga ji'a Gurraandhalaa darbeetti qofa namoota deddeebi'anii yaalaman kuma 100 oliif tajaajila kennuun danda'ameera. Namoota 7800 ta'aniif tajaajilli yaala balaa tasaa kennemeera, namoota sababa dhukkuboota daddarbootiin ciisanii yaalaman utuu hin dabalatiin dhukkubsatoota 2958 ta'aniif tajaajilli ciibsanii yaaluu kennameera. Ji'oota torba darban keessatti dubartoota 2557 deessisuun kan danda'ame yommuu ta'u, isaan keessaa 378 tajaajila baqaqsanii yaaluutiin kan da'anidha Obbo Idiriis kan dubbatan.

Kana malees, ji'oota saddeet darban keessatti daa'imman waggaa tokkoo gadi 500 ol ta'an kan

sabababoota garaagaraatiin tajaajilli yaala addaa isaan barbaachisu yaalli fayyaa akka isaaniif kennamu ta'eera. Gama biraatiin galii keessoosaa hospitaalachaa cimsuuf sochii taasifamaa jiruun hojii qonnaa, kiraa mana kaaffeefi suuqii akkasumas kaffaltiiwwan xixiqqaa tajaajilamaa hospitaalichaarraa akka walitti qabamu ta'eera. Sochii taasifameenis ji'oota saddeet darbanitti qarshii miliyoona 12fi kuma 366 walitti qabuun danda'ameera. Kana keessaas hanga ammaatti qarshiin miliyoona 10 ol bittaa qorichaatiif akka oolu ta'eera.

Aadde Madiinaa Mahaammadi, Aadde Raabiyaa Huseeniifi Aadde Caaltuun jiraattota magaalichaa hospitaalachatti tajaajila yaalaa garaagaraa argachaa jiran dubbifne keessaati. Tajaajilli isaaniif kennamaa jiru kan duraarra baay'ee fooyyee kan qabu ta'uu himaniiru.

Haata'u malee, qoricha bituuf alatti barreessuutu jira, meeshaaniifi iddooniifi bakka itti yaalamanillee hanqina qaba, afataafi uffannaarrattis hanqinni jira, kun sirraa'uu qaba jedhu tajaajilamtoonni kunneen.

Ahimad Galgaloo hospitaalachatti Ogeessa Yaala Daa'imman Kichuu yoo ta'u, daa'imman sababoota garaagaraatiin yeroo malee dhalatan kanneen hoo'i isaan barbaachisuufi daa'imman dhalatanii harma hin hoone akkasumas daa'imman ciniinsuun yeroo dheeraaf irra turuun ukkaaman akkasumas kanneen dhalatanii bakkeetti gatamanii qaamni seeraa gara hospitaalichaatti geesse iddoo yaala addaa daa'immaniif qophaa'etti tajaajila kennaafii jiraachuu dubbateera.

Daa'imman rakkoo akkanaatiif osoo hin saaxilamiiniin duratti dubartoonni ulfaa yeroo dhaabbilee fayyaa naannoosaanii jirutti itti fufinsaan hordoffii taasisuun barbaachisaa taasisuun gorsaafi tajaajila yeroo kanatti isaan barbaachisu argachuu qabu. Keessumaa, haalli fayyummaa daa'immanii meeshaa 'altiraasaawondi' tiin yeroo yerootti sirriitti ilaalamuun baayyee murteedhaa akka ta'edha kan gorse.

Kunis, haalli teessuma daa'immanii sirriifi sirrii ta'uu dhabuu, dhangala'aan ga'aan jiraachuufi jiraachuu dhabuufi rakkooleen biroon fayyaa haadhaas ta'e daa'ima sanaarratti miidhaa geessisuu danda'an yoo jiraatan adda baasuun yerootti yaalliifi tajaajilli barbaachisu akka taasifamu gochuuf waan gargaaruufi jedheera.

Doktor Baqqalaa Camadaa Hakiima Waliigalaa (Medical Director) Hospitaalachaa yoo ta'an, kallattii Biiroon Fayyaa Oromiyaa kenninsa tajaajila fayyaa fooyyessuuf hospitaalota naannichaa hundaaf kenne bu'uura godhachuun hospitaalachatti kenninsa tajaajila fayyaa fooyyessuuf inisheetiiviiwwan garaagaraa hojiirra oolaa jiraniin jijjiiramooni gaariin argamaa jiru jedhan.

Keessumaa bakki dhukkubsataan

Gara fuula 2tti

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!



Mootummaan rakkoo nageenyaa . . .

keenya keessa jiru araaraan xumuruuf mootummaan karra nageenyaa bane ammas akka hincufne kaasanii, nageenya buusuuf ummataafi qaamolee qooda fudhattoota ta’an waliin qindoomuun waamicha nageenyaa dabarsuun hojii bal’dhaa ta’e raawwachaa jiraachuu eeraniiru.

Hojii hojjetamaa jiruunis yeroo ammaa kana hidhattoonni kumaatamaan lakkaawaman dararaa ummata isaanitti dhuma gochuuf karaa nagaatiin galaa jiraachuu barreeffama miidiyaa hawaasummaasaaniin kan ibsan Pirezidaantiin MNO Obbo Shimallis Abdiisaa, Mootummaan Naannoo Oromiyaa hidhattoota waamicha nagaa fudhachuun galaa jiraniifi qaamolee milkaa’ina kanaaf gumaachan maraaf dinqisiiffannaafi kabaja olaanaa kan qabu ta’uu ibsuun barbaada jedhan.

Humnoota qalbii jijjiirratanii gara nagaatti dhufaa

jiraniifis, mootummaan jiruufi jireenyaatti akka deebi’an haalota barbaachisoo ta’an hunda mijeessuun hojii deebisanii dhaabuu eegale karaa hiikoo qabuun cimsee kan itti fufu ta’uu nan mirkaneessas jedhaniiru.

Rakkoon nageenyaa Naannoo Oromiyaa keessatti uumame ummata Oromoof miidhaa malee faayidaa tokkollee kan hinqabne ta’uun beekkamaadha kan jedhan Pirezidaanti Shimallis, achiinis asiinis kan wal diineffatu qaama maatiifi dhiiga tokkoodha jedhan.

Akkuma Oromoon jedhu “walfixuurra dubbii fixuu”n osoo danda’amuu, dhimmoota xixiqqaa irratti walhiruun qabsoo ummatichaa irbaata kiyyoo diinaa kan taasisu ta’uun ifa galaadha.

Rakkoon nageenyaa naannoo keenya keessatti umamaa jiru, boqonnaa haara qabsoon

ummatichaa bane ariitii barbaadameen akka hindeemne kan gugachiisufi abdii boruu sabichaa kan qisaasessuudha. Ummataaf qabsoofna taanaan aarsaan hinbarbaachifne hanga yoonaa kaffalle gahaadha; nu gaha! Jedhan.

Ummanni keenya sagalee nagaafi dambooba dheebotaa jira; mariifi marabbaan bahee galuufi makarachuu hawwiin eegaa. Kanaaf, ummanni keenya bal'dhaan, Abbootiin Gadaa, jarsoliin biyyaa, abootiin amantaafi hayyoonni, gahee bahachuu jalqabdan cimsitanii akka itti fuftan irra deebiin dhaamaa, hidhattoota darara ummata keessanii furuuf waamicha nagaa fudhattanii galaa jirtaniif, mootummaan keenya karri isaa dhiifamaaf banaa, akkasumas gaaffilee jiraan kamuu karaa nagaatiin keessummeessuuf qophii ta'uu, mirkaneessuun barbaada jedhan.

Magaalaa Baatuutti piroojektoonni . . .

Mootummaa, misooma qarqara lagaa, Giddu gala gabaa, Giddu Gala Kuduraafi Muduraati jedhameera.

Piroojektoonni hafan biroon kanneen akka mana fincaanii ummataa, Giddu Gala Kuduraafi Muduraa, daandii saayikiliifi kanneen biroon ammoo walumatti qarshii miliyoona 142fi kuma 273fi 454’n hojjetamaa kan jiran ta’uufi raawwiinsaaniis % 90 ol ga’uu Obbo Quufaan himaniiru. Kana malees, Piroojektoonni 6 ammoo hirmaannaa ummataa qarshii miliyoona 26fi kuma 800’n hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Hojiin Piroojektoota kanneenii gaaffiifi fedhii ummata

magaalichaa bu’uura godhachuun kan eegalame yoo ta’u, qulqullina barbaadamuun xumuramanii tajaajilaaf akka oolaniif bakka bu’oota hawaasaa, Mana maree magaalichaafi hoggansa adda addaa waliin qindoomuun hordoffiifi deggersi cimaan taasifamuun hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

Yeroo gabaabaa keessatti xumuramuun tajaajilaaf akka qaqqabaniif hojiinsaani qulqullinaafi saffisa barbaadamuun hojjetamaa jiraachuus himanii, hawaasni magaalichaas hirmaannaafi hordoffii hojii piroojektoota magaalichaarratti gochaa jiru cimsee itti fufuu akka qabus dhaamaniiru.

Inistiitiyuutiin Qorannoo Qonnaa . . .

fi Nyaata Beeyladaa 7, walumaagalatti 34 mirkanaa’uun gadi lakkifamuu Obbo Tashoomaan ibsaniiru.

Gosoonni midhaan gadi lakkifaman kunneenis oomishaalee wabii nyaataa mirkaneessaan kan akka qamadii, garbuu, ruuzii, daagujjaa, moosee, mixaaxishaafi midhaanota al-ergeefi kan alaa galan bakka bu’an kan akka bunaa, qamadii paastaa, garbuu biiraa, sinsina, shumburaa boloqqee gosa adda addaa faayidaa adda addaa qabaniifi mi’eessituuwwan akka abasuudaafi dimbilaalaa akka ta’anis heeraniiru.

Kanneen haaraa gadi lakkifaman kunneenis oomishaafi oomishtummaa yoo xiqqata %10 oliin kan dabaluu yoo ta’u qabiyyee qulqullina waarshaaleefi al-ergeedhaaf barbaachisan kan akka qabiyyee zayitii, qabiyyee

pirootinii, halluu sanyii (seed color), gurguddina sanyii (seed size)fi kkf akkaatuma amala midhaanichaatiin caalmaa qabuufi bakkeewwan hanqina roobaa qaban kan akka Baha biyyattiitiif sanyiiwwan dafanii gahan iddoowwan rooba gahaa qaban kan akka Lixaa fi Kibba Lixa Oromiyaatiif mijataa ta’an gadilakkifamuu heeraniiru.

Obbo Tashoomaanis sanyiiwwan haaraa bahan kunneen oomishaafi oomishtummaa qonnaa guddisuun karoora imala ce’umsa qonnaarratti qabanne milkeessuu keessatti gahee olaanaa qabaachuusaanii ibsuun, sanyii haaraa bahe kana baayyisuun qonnaan/Horsiisee bultoonni akka itti fayyadamaniif maatiin qonnaa sadarkaan jiru xiyyeeffannoon irratti hojjechuu akka qaban Obbo Tashoomaan dhaamaniiru.

Waltajjiin komataafi komatamaa. . .

kanarratti haasaa taasisaniin, gaaffiifi komiin hawaasaa kallattiin qaama dhimmi ilaallatu bira gahuun furmaata hatattamaa akka argatuuf waltajjiin fuulleefi fuullee komataafi komatamaa walitti fiduun wal hubannaa gaariin ummataafi mootummaa gidduu akka jiraatu taasisa jechuun dubbataniiru.

Itti Gaafatamaan Waajjira Kantiibaa Magaalaa Walisoo Obbo Fiqiruu Nageessoo, waltajjiin komataafi komatamaa walitti gaaffiin ummataa mootummaa bira akka dhaqqabuufi hojii

mootummaan hojjachaa jirurratti hawaasnis hubannoo gahaa argachuun mootummaa waliin akka hiriiruuf riqicha mootummaafi ummataati jedhaniiru.

Itti Gaafatama Dhaabbata Humna Ibsaa Damee Walisoo Obbo Mokonnaan Galgaloo gamasaaniin, humna ibsaa waliin walqabatee komiin hawaasni magaalichaa qabu sirrii ta’uu himuun, kanneen sadarkaa magaalatti hiikamuu danda’amu yeroo gabaabaatti akka furaman kanneen humna magaalati ol ta’an immoo qaama dhimmi

ilaaluun kan dhaqqabsan ta’uu himaniiru.

Tiraanisfoormariwwan irratti miidhaan akka hin geenye eeguu akka qabus Obbo Mokonnaan dhaamaniiru.

Jiraattonni Magaalichaa sagantaa kanarratti argamanis yaada kennaniin waltajjiin fuulleefi fuullee komataafi komatamaa walitti fiduun rakkoo bulchiinsa gaarii furaa waan jiruuf cimee itti fufuu qaba jechuun gaafataniiru.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!



Bohaartii

Ibsaa Xurunaa

Anjeliinaa Joolii:- taatoo bekamtuu maallaqarra haadhummaa filatte

Filmiwwan adda addaarratti taatummaan hojjechuun guutummaa addunyaarratti beekantiifi jaallatamummaa guddaa kan horatte Anjeliinaa Jooliin ammatti hojii ittiin addunyaan ishee beekurraa fagaatee jirti. Maaliif?

Anjeliinaan beekamtii olaanaa hojii filmii keessatti horatteen dhaabbileen gurguddoon addunyaa hojii beeksisaa akka hojjetuufiif maallaqa olaanaa kaffaluufiin hojjechiifatu. Barruuwwan faashinii suurashee qabatanii bahuuf maallaqa guddaa kaffaluuf, namoonni bebbeekamoofi kanneen biroonis ishee waliin suura ka'uuf hirrira dhabbatu.

Anjeliinaan hojii filmiifi beeksisaan cinaatti ijoollee harka qaleeyyii guddisuufi gargaaruunis nama maqaa gaarii horattedha. Ijoolleesheen guddiftus loogiifi eenyummaarraa bilisa ta'uusheefi amala namoomaa fakkeenyummaa qaburraa madduun kan raawataman ta'unsammoo namni kuni nama addaafi qajeelaa ta'uushee kan mirkaneessudha.

Maatiinshee nagaa waan hin qabneef rakkoofi dhiibbaa haadhasheerra gahu argaa kan guddatte Anjeliinaan jireenyashee gara fuulduraa haadha gaarii ta'uu akka barbaaddu ijoollummaasheetii qabdee yaadaa guddatte. Haatiifi abbaanshee hojii taatummaa filmiirratti bobba'uuf fedhii olaanaa qabu turan, sababa dhiibaafi wal dhabdee jiruunis abbaanshee olaantummaan ofii ogummaa ofii barbaadurratti bobba'uun haatishee garuu akka kana keessatti qooda hin qabaanne dhiibbaa irraan gahaa ture.

Dhumarratti wayita abbaan hojii sana keessa seenu haatishee garuu yerooshee ijoolleeshee kunuunsitee guddisuuf oolchuu murteessite. Ijoolleeshees barnootasaaniirratti akka milkaa'aniifi nama guddaa ta'aniif deeggarsaafi tumsa barbaachisu hunda taasaa turte. Anjeliinaan bifaafi jaalala taatummaafi qabdurraa kan ka'e carraawwan adda addaa wayita yaaltu haatishee faana bu'uun ishee



jajjabeessaa turte.

Yeroo hedduus hojii kana keessa seenuuf yaaliin taasifte wayitajalaa fashalaa'u ati nama jabduudha warra siqoretu dogoggore malee ati hin kufne bor bakka kanarra fooyya'e seenta jechuun akka ishee jajjabeessituufi wayita isheen milkooftus deggaruun ishee cinaa kaa hin dhibamneefi milkaa'ina gonfatteef deggarsishee olaanaa akka ta'e carraa argatte hundarratti ragaa baati.

Wayita isheen milkooftesadarkaa addunyaatti taatoo jabduufi filatamtuu ta'uurra geessutti garuu haatishee milkaa'inasheef ifaajaa turte dadhabbiishee utuu hin dhandhamattiin addunyaa kanarraa du'aan godaante. Wayita kana Anjeliinaan gaddaan miidhamuun baayyee hubamte.

Kanarraa ka'uunis haadha ofiif dhabde bakka bu'uun daa'imman rakkataniif haadha ta'uun akka irra jiraatu murteessuun osoo ofii dhala hin godhatiin daa'imman rakkatan ofitti fudhattee guddisuuf haadha taate. Jalqabattis bara 2002 gara Kaamboodioyaatti imaluun bakka guddisa daa'immaniitii daa'ima dhiiraa Maadoksi jedhamu mallatteessitee fudhachuun guddisuu eegalte.

Achiimmoo waggaa muraasaan booda Itoophiyaatii mucaa dubaraa Zaaraa jedhamtu mallatteessitee fudhatte. Bara



2006 taatoo filmii beekamaa ta'e Biraad Piitiif mucaashee jalqabaa Veeloo Nooveeliin deessee ijoolleeshee sadiin ga'atte. Bara 2003 ammoo Viyeetinaamii bakka guddisa daa'immaniitii daa'ima waggaa 3 fi walakkaa tokko fudhatte. Boodarrammoo daa'imman Nooksii fi Viiviyaan jedhaman lakkuu deesse.

Walumatti daa'imman sadii biyyoota garaagaraarraa gudisuufi mallatteessitee fudhatteefi kan ofiif godhatte sadii walumatti daa'imman jaha guddisuufi kunuunsuuf jecha hojiishee doolaara miliyoonotaan lakkaa'amu argamsiisuuf dhiisuun manatti deebite.

Namoonni hedduufi dhaabbileen garaa garaa ishee waliin hojjechuufi gaaffii dhiheessaniifis isheen garuu daa'imman koof yeroo kennuun alatti hojii biroorratti yeroon itti bobba'u hin qabu, maallaqan kanaan dura argadhe nagaha jechuun balbalashee cufattee ijoolleeshee waliin gammachuun dabarsaa filatte.

Daa'imman isheen guddifachaan fudhatteefi ofii godhatte amma sadarkaa dargaggummaarra gahuun gurguddatanis isheen garuu ammayyuu yerooshee isaan waliin dabarsuu kan filatte yoo ta'u, abbaa warraashee Biraad Piit waliin add bahanis ijoolleeshee waliin daandiitti bahuun hojii tola ooltummaa hojjechuushee ammas itti fufteetti.

Maddi:- News.zululion.com

Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

Aadde Maalafiyaa Dabaashatiif
Bakka jirtanitti
Obbo Barrihun Ambaayee fi himatamtuu isin gidduu falmii siiviilii jiru ilaalchisee mana murtuutti iyyatamuu keessa beektanii baallama gaafa 09/08/2016 sa’aatii 5:00 irratti akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhorkiin konkolaataa fe’isaa lakk. gabateesaa 3-53765 AA ta’uun galmmaa’e kan ka’u ta’uusaa ni hubachiifna. Mana Murtii Ol/Go/Shawaa Bahaa

Obbo Aanduu’aalam Hayiluuf
Bakka jirtanitti
Himatu Aadde Alam Shuumatiifi himatamaa isin gidduu falmii mana jireenyaa jiru ilaalchisee mana murtiitti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 07/08/2016 sa’aatii 8:30 irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Ol/M/ Adaamaatti M/M/A/Kutaa Magaalaa Bokkuu Shananii

Obbo Shimallis Guddataaf
Bakka jirtanitti
Himataa Obbo Abdulhakiim Sulxaaniifi himatamaa isin gidduu falmii T/qarshii jiru ilaalchisee mana murtiitti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 04/08/2016 sa’aatii 8:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii kennachuu keessan bira darbamee falmiin kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/ MKutaa Magaalaa Furi

Obbo Iskaandaar Fauxanaatiif
Aadde Geexee Tulluutiif
Bakka jirtanitti
Himataa Abbaa Alangaa Federaalaa Damee Adaamaafi himatamtoota isin gidduu falmii waa’ee yakka nagahee malee gurgurtaa raawwachuutiin himatamtan ilaalchisee mana murtiitti kanatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 14/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e ammoo falmiin bakka isin hin jirretti itti fufee murtiin kan kennamu ta’uu ni beeksifna. M/M/ Ol/Magaalaa Adaamaa

Obbo Darajjee Abbabaa N-6f
Bakka jirtanitti
Himataa Waldaa Dhuunfaa Hojii Daldala Waliigalaa Biqiltuu Dammaa ittigaafatamnisaa murtaa’e (PLC) hojii geggeessaa Shaalaqaa Warqinaa Mul’isaafi waamamtooota isin gidduu falmii jiru ilaalchisee isin mana murtiitti falmiirra jiraachuu keessan beektanii deebii keessan barreeffamaan qabattanii baallama gaafa 15/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/ Ol/Godina Shawaa Lixaa

Obbo Addisuu Hundeessaa Caakkaa Nagahee Lakk. isaa 35692 Lakk. Galmee A-4593 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Waldaa Dhuunfaa Ijaarsa Gamoo Wabii Itti Gaafatamnisaa Murtaa’e N-11f
Bakka jirtanitti
Himataa Waajjira Fayyaa Godina Shawaa Lixaa B/B/A/Alangaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godina Shawaa Lixaa Obbo Hayiluu Xilaahuniifi himatamtoota isin gidduu falmii waliigaltee jiru ilaalchisee himatamtoonni himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 09/08/2016 sa’aatii 4:30 irratti dhiyaattanii deebii akka kennitan manni murtii ajajeera.M/M/ Ol/Go/Shawaa Lixaa

Obbo Laggasaa Dabalee Nagahee Lakk. isaa 2516016 kan ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Aadde Yeshiiwarqi Baantee Nagahee Lakk. isaaa 1117984 ta’e Maqaa Masfin Girmaatiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Caalbaasii
M/A/Mirgaa Aadde Yeshii Abarraafi M/A/Idaa Obbo Sambuu Taayyee jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Qooqaa Ejersaa ganda 01 keessatti lafa kaaree meetira 1500 irratti maqaa Obbo Sambuu Taayyee galmaa’ee argamu ka’umsaa caalbaasii qarshii 6,787,675.⁷³/100tiin gaafa 28/08/2016 sa’aatii 3:30 - 6:30tti akka gurguramu manni murtii ajajeera. kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan ka’umsa caalbaasiirraa ¼ CPO qabsiisuudhaan dhiyattanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Lumee.

Qabeenyummaa isaa kan Komishinii Poolisii Oromiyaa kan ta’e Konkolataa Lakk. Gabatee POLIS 1441 OR, Lakk.Shaansii JTEZ71J50B018291 Lakk.Motora 1HZ-0959848 ta’e Lakk.Libree 0237916 kan ta’e Gabteen duubaa wan nu jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee nuuf haa kennamau jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni libiree bade kana arege ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti kan hin beeksifne yoo ta’e abbaa qabeenyaa kanaaf Gabatee Duubaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Geejjibaa Kutaa Magaalaa Galaan.

Obbo Addisuu Warquutiif
Bakka jirtanitti
Oliyyattuun Aadde Kurii Gammadaa fi Wamamaan isin gidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtiitti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 11/08/2016 sa’aatii dura akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/ W/Oromiyaatti Dhaddacha Dhaabii Baha Oromiyaa.

1^{ffaa} Obbo Daanyee Barsiisaatiif
2^{ffaa} Shallamaa Margaatiif
3^{ffaa} Araarsaa Kabbadaatiif
4^{ffaa} Dastaa Dibaabaatiif
Bakka jirtanitti
Iyyataan Obbo Baayyisaa Milkeessaafi deebii kennitoonni isin gidduu falmii Ijjibaataa jiru ilaalchisee mana murtiitti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 15/08/2016 sa’aatii dura akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/ W/Oromiyaatti Dhaddacha Ijibaataa.

Aadde Muluu Jimaa Mojoo waraqaa raga mana jireenyaa Magaalaa Mojoo ganda qarsaa keessatti Lakk. addaa cittuu lafaa Lakk. isaa OR021020815019 kan ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa sababa adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan (kaartaa) kan biraa hojjetamee bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Mojoo.

Dhaabban/Waldaa Balaayinaa Kindee Metal Ingeeneriing jedhamu Kutaa Magaalaa Galaan keessatti dhaabbata Invastimeentii lafa kaaree meetira 10,000 liiziin kennameefii waraqaa ragaa abbaa qabiyyee Kaartaa Lakk. isaa BMGK/L/I/ KI/2011 ta’e maqaa dhaabbatichaatiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate ragaan kanaan dura akka badetti lakkaa’amee haftee orjinaalaa faayila keessa jiru irraa koppiin mirknaa’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaggar.

Obbo Biqilaa Sanbataa Bojogaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Sulultaa keessatti gosa daldaalaa gurgurtaa daabboo irratti Lakk, TIN 0006805199 ta’e baafachuun hojii hojjachaa osoo jiranii Nagaheen baasii cash receipt voucher Lakk. 151 hanga 200tti jiru baayyinni isaa paadii tokko kan itti hin hojjatamneefi nagahee harkaafi harkaa Lakk. 201—250 baayyinni isaa paadii tokko kan ta’e waajjira galii kutaa magaalaa sulultaarraa naaf kenname waan na jalaa badeef namni nagahee kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti waajjira Galii Kutaa Magaalaa Sulultaatti akka dhiyeessu beeksisaa, yoo dhiyeessuu baate seera qabeessummaa kan hin qabneefi akkaataa seeraatiin kan haqamu ta’uu ni beeksifna.Bul/Magaalaa Shaggaritti Waajjira Galiwwanii Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Iyyattoonni Aadde Abboonesh Gammachuu fa’aa N-9 falmii waa’ee dhaaltummaa jiru ilaalchisee iyyattoonni 2ffaa hanga 8ffaa qabeenyaa abbaa isaanii obbo Silashii Daggafaa Mojoo irratti falmii jiruuf qaamni qabeenyaan kun na ilaalata ykn na galcha kan jedhu yoo jiraate beellama gaafa 11/08/2016 sa’aatii 3:30 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa.

Obbo Andargee Gosheetiif

Bakka jirtanitti

Himataan Obbo Tsaggaayee Abarraafi Himatamaan isin gidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtiitti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 04/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Noonnoo.

1^{ffaa} **Sanyii Dhugumaatiif**

2^{ffaa} **Kabbabuush Gizawuutii**

3^{ffaa} **Ayyaantuu Tasfaayeetiif**

4^{ffaa} **Tamsgeen Geetaahuuniitiif**

Bakka jirtanitti

Himataan Dhaabbata Maayikiroo faayinaansii Vizyiin Fandii Damee Xaafoofi Himatamtoota isin gidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtiitti himatamuu keessan beektanii deebii keessan barreeffamaan guyyaa 10keessatti akka dhiyeeffattaniifi mirga keessaniif baallama gaafa 09/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmichi iddoo isin hin jirretti kan ilalamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/ Magaalaa Shaggar.

Waldaa Shariikummaa Mihiratiifi Eelsaabeetiif
Mihirat Ababaayyoo Nagaashiitiif
Eelsaabeet Dinbaaruu Mehaaluutiif
Yehuwaalaasheet Ariyaa Asaffaatiif
Bakka jirtanitti

Himataan Baankkii Siinqaa W/A Damee Bokkuu Shanaaniifi Himatamtoota isin gidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee mana murtiitti himatamuu keessan beektanii guyyaa waamichi isin gahe irraa kaasee guyyaa 10eessatti hayyamsiisa deebii gaafattanii, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii hayyamsiisaa gaafachuu keessan bira darbamee dhimmichi iddoo isin hin jirretti kan ilaalamu ta’uu beektanii beellama gaafa 15/08/2016 sa’aatii 8:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

Dastaa Habeeboo Nagahee Lakk. Isaa 0112567 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu’e akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Tizzitaa Tafarraa Nagahee Lakk. Isaa 196409 ta’e maqaa Addis Asaffaatiin galmaa’ee waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Aadde Baqqalach H/Mariyaam Nagahee mirriitii iddoo mana jireenyaa lakk. 1852707 maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru na jalaa waan badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksifan, kun hin taanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa erga irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Obbo Gizaaw Ijaaraa Nagahee mirriitii iddoo mana jireenyaa lakk. 1852716 maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru na jalaa waan badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksifan, kun hin taanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa erga irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Obbo Miliyoon Huseen Lakk. Nagahee 319645,Lakk. Galmee M-3175 ta’een galmaa’ee naafkennama na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furi

Aadde Qonjiit Gizaaw Nagahee mirriitii lakk.1852718 maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru na jalaa waan badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksifan, kun hin taanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa erga irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Aadde Xajjituu Tarrafaa Nagahee mirriitii maqaa isaaniitiin galmaa’e nagahee lakk. 367210 kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa naaf haa kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate guyyaa gaazexaan kun baheerraa kaasee hanga guyyaa 30 tti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate ragaa bade bakka buufamee kan kennamuuf ta’uu ibsina. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Obbo Tasfayee Nugusee Abdii nagahee fudhannaa lafaa lakk. Isaa 2944266 ta’e na jalaa badeera waan jedhaniif, qaamni nagahee kana sababa adda addaatiin qabadhe jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 10 keessatti yoo deebisuu baate nagaheen kun tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Muka Xurrii.

Aadde Gannat Bayyanaa Nagahee mirriitii iddoo mana jireenyaa Lakk.isaa 5277111 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa bade jedhanii iyyataniiru. kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Mana Abbichuutti dhiyaachuun akka beeksifan, kun hin taanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna.Waajjira Kaadastaraa kutaa Magaalaa Mana Abbichuu.

1^{ffaa} **Abbabaa Diriirsaatiif**

2^{ffaa} **Xahaa Tukeetiif**

3^{ffaa} **Taayyee Baqqalaatiif**

4^{ffaa} **Quufaa Nuutoleetiif**

5^{ffaa} **Taammiruu Logitaatiif**

Bakka jirtanitti

Himataan Baankkii Siinqaa Damee Caffee fi Himatamtooot isin gidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee mana murtiitti himatamuu keessan beektanii iyyata heeyyamsiisaa jecha kakuufi ragaan deeggarame qabatanii akka dhiyaatan ta’ee, kan hin taane yoo ta’e mirgi heyyamsiisa dhiyeeffachuu kan bira darbamu ta’uu beektanii beellama gaafa 08/08/2016 sa’aatii 8:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

Aadde Murshidaa Musammaa mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa ganda Gadaa keessaa Kaartaa Lakk. isaa 307/91 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni raga kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Abbaabiyyaa H/Baahiir waraqaa raga abbaa qabeenyummaa Kartaa Lakk. isaa 10/1712/806/99 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Awaash Malkaa Sa’aa.

1^{ffaa} **Aadde Assabech Abrahaamiitiif**

2^{ffaa} **Obbo Qiddus Daanyeetiif**

3^{ffaa} **Obbo Eeliyaas Geetinnatiif**

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Fiqaaduu Daffaraafi Himatamtoota isin jidduu falmi waliigaltee jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 08/08/2016 sa’aatii 5:00irratti dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu.

R/Himataan Mana Amantaa Amaanu’eel Quwaachoo fi R/Himatamaan Asnaaqaa Makuraa fi Ra/j/gala Zarfuu Taaddasaa jidduu falmii waa’ee raawwii jiru ilaalchisee R/Himatamaan iyyata Ra/Ji/galummaa dhiyaachuusaa beekkee bakka jiruu beellama gaafa 07/08/2016 sa’aatii 4:30irratti akka dhiyaattanii deebii keessan kennitanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Walisoo.

Himataan Obbo Dastaa Ida’ee fi Himatamaan Obbo Fiqaaduu Naggasaa fi himannaatti makamtuun Aadde Abarraash Asaffaa jidduu falmii lafa dhuunfaa irratti mana ijaarame akka diigamuuf jiru ilaalchisee himannaatti makamtuun Aadde Abarraash Asaffaa mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/08/2016 sa’aatii 4:00irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan ta’ee, yoo dhiyeeffachuu baattan mirgi deebii barreeffamaan dhiyeeffachuu keessan kan bira darbamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Sh/Lixaa.



18	Kallacha Oromiyaa	Ebla 3 bara 2016
2^{ffaa} Siisaay Ayittaayitiif Bakka Jirtanitti Himataan Obbo Kabbadaa Fayyisaafi himatamaa isin jidduu falmi jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/08/2016 sa’aatii 4:45irratti dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/ Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.	Obbo Mokonnin Takkaa mana Jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 1345/WLMQ ta’e bali’inni lafa isaa 285M² irratti argamu Obbo Mitikkuu Abbooseetti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.	Aadde Dassituu Masaadii mana jireenyaa magaalaa Qaaqee ganda 02 keessatti argamu maqaa Obbo Tsaggaayee Alamuu, Nugusee Alamuu, fi Warqinash Alamuutiin galmaa’ee jiru gara maqaa isaanitti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.
Mormiin Iyyataan Obbo Booruu Boosat guddistuu daa’imman Masaratiifi Burtukaan Alamaayyoo fi Mormiin Waamamtoonni Aadde Gannat Tasammaa fa’aa N-5 jidduu falmii H/ Hawaasaa jiru ilaalchisee waamamtuun Aadde Gannat Tasammaa fi Mi’iraaf Almaayyoo mormii dhiyaaterratti beellama gaafa 11/08/2016 sa’aatii 8:30irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Shaggar.	Obbo Yiggazuu Yoonas mana Jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 602/WBIFLMQ ta’e bali’inni lafa isaa 210.70M² irratti argamu Muzayyaan Adamitti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.	Obbo Indaaluu Qananii mana jireenyaa magaalaa Mandii ganda 01 keessaa qaban lakk.Kaartaa isaa mana jireenyaa/1556/2016 ballinni isaa 400M² ta’e Aadde Boggee Boobashaatiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/L/M/Mandii
Wallagga Bakka butuu Obbo Lalisaa Hayilee Ejjetaa kan ta’an Aadde Biiftuu Goobanaa kan jedhaman mana Jireenya Magaalaa D/Dolloo ganda Yabaloo keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa Bu/La/1096/2000 ta’e bali`inni lafa isaa kaaree meetira 200M² irratti Maqaa Obbo Hayilee Ejjetaatiin galmaa’ee kan beekamu kaartaa Oriijinaalli isaa waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu guyyaa jedhame keessatti kan hin dhiyaanne yoo ta’e kaartaa biroon bakka buufnee maqaa bitattuu Aadde Biiftuu Goobanaatiin kan hojjetamee kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.	Obbo Mitikkuu Abboosee mana Daldalaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 295/WBIFLMQ/2012 ta’e bali’inni lafa isaa 52.2M² irratti argamu Obbo Tasfaa Abbooseetti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.	Obbo Asfaawu Biraanuu mana jireenyaa magaalaa Mandii ganda 03 keessaa qaban lakk.Kaartaa isaa MJ/6476/2012 ballinni isaa 200M² ta’e Taaddasee Malkaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/L/M/Mandii
Obbo Bulii Kurruushaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal`ina lafaa 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa GK/02/087/2016 ta’e Obbo Waaqgaarii Shifarraatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.	Obbo Qajeelaa Yamboo mana Jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 404/WBIFLMQ ta’e bali’inni lafa isaa 200M² irratti argamu Obbo Suleemaan Mitikkuutti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.	Aadde Shukkaaree Dhaabaa Duqqee fa’aa N-9 dhaaltummaan Abbaa warraafi Abbaa isaanii karaa mana murtiitiin waan mirkaneeffataniif mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 02 keessatti argamu lakk. Manaa haaraan__lakk. Kaartaa 3462/2012 ta’e maqaa Obbo Waaqwayyaa Daboo Shaashootiin galmaa’ee jiru maqaa keenyatti nuuf haa jijjiiramu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu jijjiirraa maqaa kana osoo hin raawwatin dura kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.
Obbo Addunyaa Qannoo mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal`ina lafaa 200M2 irratti argamu lakk. Kaartaa isaa GK/02/379/2016 ta’e Obbo Fedhasaa Taaddasaa Boosharaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.	Aadde Lalisee Taaddasaa mana Jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 291/WBIFLMQ/2014 ta’e bali’inni lafa isaa 350M² irratti argamu Aadde Raaheel Taaddasaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.	Obbo Nigaatuu Teessoo mana dhuunfaa isaanii Lakk.0636 Magaalaa Innaangoo ganda 02 keessaa Aadde Shittaayee Waaqdhiisaa waliin qaban dabarsanii Obbo Margaa Taarikuutti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo.
Caalbaasii marsaa 2^{ffaa} Raawwii himataa Baankii Siinqee Damee Gudayyaa Biilaa fi Raawwii Himatamttoota Waldaa Sharikaa Lalisee fi Lamii giddu falmii jiru ilaalchise mana jireenyaa Aanaa Gudayyaa biilaa Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu qabeenyummaan isaa maqaa raawwii himatamaa 2ffaa Gammachuu Agasaatiin galaama’e jiru mana lafa kaaree meetira 2002 kan ta’e caal baasii marsaa 2ffaatiif gaafa 30/08/2016 sa’aatii 3:00 irraa eegalee hanga sa’aatii 6:00tti caalbaasii ifa ta’een dorfomsifamee gatii ol-aanaa argamameen waan gurguramuuf namni mana jireenya kana bitachuu barbaadan guyyaa fi sa’aatii caqasame kanatti bakkichatti argamuun dorgomtani bitachuu kan dandeessan ta’uu ni beeksifna. Baankii Siinqee Damee Gudayyaa Biilaa.	Obbo Abarraa Wandimmuu mana jireenyaa magaalaa Haroo Sabbuu ganda 01 keessatti argamu lakk. isaa 2133/LMHS/2016 ballinni isaa 287.2M² ta’e Obbo Abdii Gaashahuuniitti gurguruu waan barbaadaniif jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf nu gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 21tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna. W/B/I/ F/L/M/Haroo Sabbuu.	Obbo Tasfayee Tolasaa Magaalaa Dabbasoo ganda 02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Aadde Lalisee Waaqshumaatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.
	Obbo Tafarraa Jabeessaa mana lakk.isaa 1540/99 ta’e magaalaa Aayiraa ganda 01 keessaa qaban Aadde Gaaddisee Baabuutti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 tti haa dhiyaatu. W/L/M/Aayiraa.	B/B Isheetuu Masfin Obbo Geetahuun Ittaanaa Magaalaa Dabbasoo ganda 01/02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lakk. Kaartaa isaa 304/MLMD/2011 ta’e lafa bal’inni isaa 200m2 irratti ijaaramee argamu Obbo Ayyalaa Toleeraatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Gizaachoo Abbabaa Daammanaa Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 400m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Waltajjii, Rattaa/M/A/D/Maariyaam/ tti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Qananii Misgaanuu Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Amanee Tamaam ‘tti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

B/B Sheetee Waaree Obbo Gammachuu Guddinaa Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 400m2 ta’e irratti ijaaramee argamu obbo Musxafaa Tarrafaatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Aadde Taaddaluu Mokonniin Magaalaa Dabbasoo ganda 01/02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Gammachuu Beekaatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Taarraqaa Bojaa Magaalaa Dabbasoo ganda 02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Aadde Alamnash Magarsaatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Daggafee Kumarraa Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Abbabaa Fidaatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Faasigaa Warquu Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Hirqihuun Garramuutti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Lammeessaa Bayyanaa Magaalaa Dabbasoo ganda 02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Obbo Waaqtolaa Girmaayeetiif kennaa hin deebineen kenneefiin jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf jechuun gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Taabotee Daggafaa Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Girmaa Jiraataatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Mulaatuu Kabbadaa Magaalaa Dabbasoo ganda 01/02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lakk. Kaartaa isaa 507/MML/2011 lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Obbo Gammachuu Oljirraatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Nabiyyuu Taammiruu Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Waaqtolaa Bulchaatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Daawwiit Kumarraa Magaalaa Dabbasoo ganda 01/02 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Waaqtolaa Fufaatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Waaqgaarii Alii Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lakk. Kaartaa isaa 1045/WLMD/2015 lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Mareemaa Wadaajootti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Useen Kadir Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 170m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Obbo Abduu Baarikaatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Hirqihuun Garramuu Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 200m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Aadde Mareemaa Wadaajjootti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Obbo Hayiluu Guddinaa Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru lafa bal’inni isaa 400m2 ta’e irratti ijaaramee argamu Iddoosaa Tarrafaatti gurguradheen jiraa jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun gaazexaan maxxanfamee guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate jijjiirran maqaa kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Sirreessaa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Bitootessa 19 bara 2016 maxxanfamee baherratti wallagga jalatti beeksifni Dirribaa Guutaa jedhamee bahe dogoggoraan waan ta’eef Dirribaa Guutuu Jedhamee sirreeffamee haa dubbifamu.

Aadde Kumee Baqqalaa Gammdaatiif

Bakka Jirtanitti

Iyyattuun Faantaayee Eebbisaa Cawwaaqaa fa’aa N--4 mana murtii keenyatti, iyyata murtii badiinsaa dhiyeeffatanii waan jiraniif, beellam gaafa 16/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan ni beeksifna.Mana murtii aanaa Gimbii.

Obbo Addunyaa Baayisaatiif

Bakka Jiranitti

Iyyattuun Aadde Maskaram Dhibbisaa abbaan manaa koo manaa bahee waan badeef murtiin badiisaa akka naaf kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu waamamaan kun yoo jiraate, beellama gaafa 07/08/2016 sa’aatii 8:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. Mann murtii Aanaa Magaalaa Naqamtee.

Aadde Warqinash Shifarraa fi Obbo Ittafaa Moosisaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 03 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 03/9560/16 kan ta’e bali’inni isaa 160M² irratti argamu dabarsanii Aadde Argannee Amanaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Aadde Ayyaantuu Yaa’iqoob 2, Suraa Yaa’iqoob 3, Abdii Yaa’iqoob kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 06 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 01/3019/16 kan ta’e bali’inni isaa 252M² irratti argamu dabarsanii Obbo Waaqgaarii Sanbataa Gammadaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Raamataa Mahaammadiifi Burtukaan Garramuu kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 04 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 04/9552/2016 kan ta’e bali’inni isaa 160M² irratti argamu dabarsanii Obbo Ashannaafi Takileetti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Girmaa Kabbadee mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu lakk. Isaa ---- ta’ee fi Lakk. Kaartaan isaa Bul/Mag/Gull/1735/2016 ta’e bali’inni isaa kaaree meetira 230M² irratti argamu dabarsanii Dabalii Hundasaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.





Ispoortii



Morkiin shaampiyoonummaa Piriimiyeer Liigiif taasifamu ammas tilmaamaaf rakkisaadha

Piriimiyeer liigiin Ingiliz bara dorgommii 2023/24 torbee 31ffaarra gahus ammas morkiin shaampiyoonummaaf taasiofamu kilaboota sadan gidduutti taasifamu tilmaamaaf rakkisaa ta'uun itti fufeera.

Liigicha waggoota heedduun booda morkii jabaa akkanaa keessummeessaa jira. Kilaboonni shaampiyoonummaaf kokkee wal qabanii njiran sadan Arsenaal, Liiver Puuliifi Maanchister Siitiin garaagarummaa qabxii tokkoon morkii jabaa taasisuu itti fufaniiru.

Liigichaan torbee torbeen sadarkaa wal harkaa fuudhuufi bakka waljijjiiruun dabareen itti wal furuun imala shaampiyoonummaaf taasifamu daran hawwataa kan taasisan yoo ta'u, wayita tokko qabxii gatu tokko injifachuunhanga barri dorgommii bara kanaa xumuramuuf xabni 8 gofti hafutti kan shaampiyoonaa ta'u yilmaamuuf rakkiisaa ta'utti falmichi jabaatee itti fufeera.

Ji'a darbe wayita Maanchister Siitiifi Liiver Puul dirree Itihaadirratti waliin taphatan Arsenaal bireentifoord waliin morkata ture. Wayita kana Arsenaal sadarkaa 3ffaarratti argama ture, Siitiifi Liiver Puul qixa bahuun wayita qabxii qooddatan Arsenaal bireentifoortdiin injifachuun qabxii sadii argateen liigicha dursuu danda'e.

Tapha torbee lama dura taasifameenimmoo Siitiin Arsenaaliin diorreessaa

Arsenal	Liverpool	Manchester City
71	71	70
Aston Villa (H)	Crystal Palace (H)	Luton (H)
Wolves (A)	Fulham (A)	Brighton (A)
Chelsea (H)	Everton (A)	Nott'm Forest (A)
Spurs (A)	West Ham (A)	Wolves (H)
Bournemouth (H)	Spurs (H)	Fulham (A)
Man United (A)	Aston Villa (A)	West Ham (H)
Everton (H)	Wolves (H)	Spurs (A)



injifachuun qabxii sadii argachuun dursummaa liigichaa arsenaalirraa fudhachuun tokkoffaarraa taa'e.

Tapha torbee 31ffaanimmoo Liiver Puul gara olditiraafoorditti imaluun garee Teenhaag Maanchister Yunaayitid waliin morkiin taasisan wal qixa xumuramuun qabxii qooddatan. Gareen Gaardiyoollaa Maanchister Siitiin Kiristaal Paalaasiin gareen Arteettaa Arsenaalimmoo Biraayitaniin injifachuun qabxii sadii sadii argatan. Haaluma kanaan Arsenaal qabxii 71 fi goolii 51 sadarkaa 1ffaarra wayita taa'u, Liiver Puul garaagarummaa gooliin caalamuun sadarkaa 2ffaa, Siitinimmoo qabxii tokko qofaan kilaboota lamaaniin caalamuun 70n sadaffaarra taa'aniiru.

Waldorgommiin Piriimiyeer Liigii Ingiliz bara kanaa haala kanaan taphaa taphatti qabxii galmaa'aa jiruun tokko ol baasaa tokko gadi buusaa kilaboota sadan wal duraa duuba oofaa qalbii daawwatootaafi kilaboota rarraasuun akka itti fufetti jira. Deggartoonniifi taphattoonni kilaboota sadanii shaampiyoonummaaf wal qixa amummachaas abdachaas jiru.

Kilaboonni kuneen sadan shaampiyoonaa ta'uuf taphoota isaanii hafu saddeettanii injifachuun dirqama ta'a. sababnisaa kilabiin injifatamuu mitii qixa bahe carraasaa walakkaa olitti of haarkaa baase jechuudha. Kanaafuu taphoonni saddeet saddeet kilaboota sadaniifuu hafu akka tapha waancaatti kan ilaalamudha.

Kilaboonni sadanuu kilaba morkataa cimaa ta'e Tootnahaam waliin tapha kan qaban yoo ta'u, Siitiin tapha xumuraa torbee 38ffaan kan waliin taphatu. Akkaataa sagantaa hafuun Liiver Puuliifi Siitiin olitti Arsenaal taphoota ciccimaatu hafaaf. Taphoonni

qixa bahuun wayita qabxii qooddatan Liiver Puulimmoo Biraayitaniin keessummeessuun hafan saddeet:-

Dhaabbata Birihaaninnaa Salaamitti Maxxansame